#DEFYHATENOW

# FIELD GUIDE

## Social Media Hate Speech Mitigation

Ethiopia

MOOJULA 1FFAA

SECOND EDITION 2025

https://defyhatenow.org
ethiopia@defyhatenow.org

©2025 r0g_agency for open culture and critical transformation gGmbH Berlin
Yaad-rimee: r0g_agency gGmbH Barliin, Isteefan Koovaats fi Suuzaan Beeliinghaawusen

**Qajeelfama Dirree Arkiteektoota:** Kendi Gikunda
**Qajeelfama Dirree Barreessitoota + Gulaaltota:** Kaarooliin Paatriik, Keendi Gikunda fi Saaraa Budarz
**Hogganaa Biyyaa Itoophiyaa:** Biruk Mazgebuu
**Qajeelfama Dirree Gorsitoota Gulaalaa Haala Waliigalaa:** Eden Bariihun, Abeeseloom Saamson, Rihoobot Ayyaalew, Maatiyaas Asaffaa fi Yemissiraach Yetnabbark
**Yaad-rimee Tapha Qajeelfama Dirree:** Jodi Rose fi Yemissiraach Yetnabbark
**Dizaayinii fi Haala Qajeelfama Dirree:** Yemissiraach Yetnabbark
**Qajeelfama Dirree Itoophiyaa, A2-Poostaroota fi Dizaayinii Tapha:** Yemissiraach Yetnabbark
**Qajeelfama Dirree Hogganaa Gamaaggama Hiriyaa:** Yibalxaal Assafaa
**Qajeelfama Dirree Gamaaggamtoota Hiriyaa Haala Waliigalaa:** Mohaammad Alii, Hiwoot Ashannaafii, Abeel Yoonaas, Tasfaayee Yimar, Anteenaa Seefuu, Abdurazaaq Nasiroo, Qonjiit Zawudee, Eden Worqaalammaahu, Tamasgeen Biradaa, Asaffaash Katamaa, Saaraa Gazaahegny (MD), Salaam Gabramadihin, Elilltaa Mollaa fi Haannaa Admaasuu
**Deggaraa Hikkaa To'annaa Dirree:** Afaan oromoo_Balchaa Birbissa Jimaa, Afaan Tigriffaa_ Hayilamalakoot Taadasaa, Afaan Amaaraa_Teediroos Alamaayyoo
**Hiika:** Salaam Tajaajila Hiikkaa fi Barreessaa Nagaash kan hoogganamu Fiqrasillaassee Yemaanee, Tasammaa Baqqalaa fi Xilaahun Shawaayee

#defyhatenow Qajeelfamni Dirree Haasaa Jibbiinsaa Salphisuu Miidiyaa Hawaasaa Hayyama Idil-addunyaa "Creative Commons Attribution- ShareAlike 4.0" jalatti hayyamameera.

Sochi hash tag waraana haasa'a jibbinsa walqunnamntti hawasummaa, dhaabuu walta'insaa ejensii r0g, jijjirama xiyyeffanna aadaa gGmH Berlin, waltainsaa Itoophiyaa wajjin, deegarsa bakka bu'oota waltainsa Irooppa irraa argameen.

Print ISBN: 978-3-949253-12-6
EBook ISBN: 978-3-949253-13-3

Itoophiyaa, Maxxansa Lammaffaa, 2017

#defyhatenow
https://defyhatenow.org/ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenowethiopia/
https://www.instagram.com/defyhatenow_ethiopia/

Funded by the European Union



# Seensa Gabaabaa



***Akka nama seenaa himaa fi shaampiyoonaa mirga dijitaalaa, hammatamuu dijitaalaa fi hirmaannaa hariiroo hawaasaa Afrikaatti eenyummaan filannoo, amanamummaa fi hawaasa keenya akkamitti akka bocu Baay'ee nan dinqisiifadha. Miidiyaa, taatota hawaasa siivikii fi dargaggoota waliin hojjechuun eenyummaan akkamitti boonicha, miira ofii fi kaayyoo akka argamsiisu mul'isee jira. Itti yaadanii ykn wallaalummaan yeroo itti fayyadaman haala sirreessuun hin danda'amneen addaan baasuu, of keessaa*** baasuu fi kakaasuu hordofsiisuu ni danda'a.

Yeroo nagaa eenyummaan haala ijaarama hawaasaa kan cimsu yoo ta'u, yeroo waldhabdee ummata tokko adda baasuu fi meeshaa waraanaa gochuuf kan danda'uudha.


Qajeelfamni Adda Baasa Haasaa Jibbiinsaa Miidiyaa Hawaasaa #defyhatenow'n Itoophiyaa addunyaa tasa intarneetii giddu galeessa godhate keessatti waliin jiraachuuf rakkachaa jirtutti fakkaatee mul'ata. Yaad-rimeen eenyummaa fi gaaffiiwwan dubbisuu fi barreessuu odeeffannoo miidiyaa irratti walitti dhufeenya waldhabdee, toora interneetii fi toora interneetiin ala jiru irratti gaaffii dhuunfaa fi siyaasaa gadi fageenyaan kaasu.

Qajeelfamni dirree wantoota xixixqqoo walxaxiinsi kun fidu irraa hin fagaatu. Eenyummaan dhaloota irraa kaasee, karaa maatii, hawaasa, aadaa, amantii, afaanii fi barnoota akkamitti akka uumamu fi kun hundi bara kana keessatti miidiyaa hawaasaa fi interneetiitiin dhiibbaa hin haalamne kan qabun ta'uu isaa qorata. Ogummaa fi nageenya ijaaruu gidduutti walqunnamtiiwwan ni uuma, Miidhaa Koorniyaa irratti bu'uureffate salphisuuf daandii abdii qabu kan banu yoo ta'u gaaffilee fayyaa sammuu waliin walqabatan ni ilaala. Qaamni ijoo mala kanaa qooda fudhattootaa fi qabeenya adda addaa nagaa guddisuuf barbaachisaniif beekamtii kennuu isaati. Qajeelfamni kun hoggantoota hawaasaa (jaarsolii, geggeessitoota amantii, geggeessitoota dargaggootaa) fi dandeettii itti fayyadama miidiyaa fi odeeffannoo haasawa jibbiinsaa, Odeeffannoo sobaa fi kaka'umsa keessumaa addunyaa dijitaalaa har'aa keessatti bakka miidhaa toora interneetii irratti gahu bu'aa jireenya dhugaa qabu keessatti adda baasuuf akka furmaataatti cimsee ibsa.

Dargaggoonni interneetii irratti yeroo kamiyyuu caalaa humna waan qabaniif gaarummaaf itti fayyadamuu qabu. Akka kitaaba qajeelfamaatti ergamtoota jijjiirama marii gaggeessuu fi egeree hunda hammate irra deebi'anii yaaduuf sochao'anii fi dandeettii addaa qaban ta'uu isaanii ibsameera. Aartiin akka aadaa isaatti miidhaa irraa fayyuuf, of ibsuu fi waldhabdee booda gara laafinaaf meeshaa hin cimaa ta'ee jira.

Tiyaatira, seenaa himuu, muuziqaa fi aartiin agarsiisa shaakala kalaqaa fi iddoowwan bakka gurgurtaa caalaa itti fayyadamaniidha. Araara buusuu fi hawaasa miidhame deebisanii ijaaruuf meeshaalee barbaachisoodha.

Beekumsi naannoo, itti gaafatamummaan dijitaalaa fi hawaasni jibbaa fi odeeffannoo sobaa irratti dandamachuun #defyhatenow'f dursI akka kennamuuf giddu galeessa ta'aniiru. Qajeelfamni kun haala dubbii fi furmaata qooda fudhattootaa isa gaarii ta'e dhiyeessuudhaan tattaaffii kana guddisa. Warren nageenya ijaaran, barsiisonni, gaazexeessitoonni, artistoonni, qindeessitoonni hawaasaa fi lammiileen 'haqaa' dhimmi ilaallatu qajeelfama kana akka waamichaatti malee akka maanuwaaliitti—gabatee xiinxalaatti, marii fi tarkaanfii hiika qabuutti ilaaluu hin qaban.



***Dr Ngala Desmond Ngala, Hojii Gaggeessaa Olaanaa Civic Watch Kaameeruun fi #defyhatenow Hogganaa Pirojektii Biyyaa, Kaameeruun***

# Contents


8 **01 Eenyummaa**

10 Eenyummaa Haala Nageenyaa fi Waldhabdee Keessatti Hubachuu

**11 1. Seensaa fi Hiikkaa**

**11 2. Eenyummaa fi Ijaarsa Isaa**

14 2.1 Bu'uura Eenyummaa Hawaasummaa

15 2.2 Qabeenya Dabalataa

**15 3. Eenyummaa fi Waldhabdee**

16 3.1 Eenyummaa Akka Sabaatti Fudhachuu

17 3.2 Federaalizimii Sab-daneessaa fi Wal-dhabdee

18 3.3 Waldhabdee Sababa Eenyummaatiin Dhufu

18 3.4 Osoo Hin Beekiin Nama Irraatti Ka'uu

19 3.5 Piraamidii Jibbiinsaa

21 3.6 Itoophiyaa Keessatti Sababoota Waldhabdee Eenyummaa Waliin Walqabatan

**23 4. Eenyummaa, Ijaarsa Nageenyaa fi Araara**

23 4.1 Gahee Marii Hiika Qabeesssa Garee Gidduutti Raawwatamu

25 4.2 Gahee Hooggantoota Hawaasaa

27 4.3 Yaada Imaammataa

28 **02 Miidhaa Miidiyaa fi Odeeffannoo**

30 Gumaacha Miidiyaann Waldhabdee Keessatti Qabu Hubachuu

**31 1. Seensaa**

31 1.1 Miidiyaan Maali?

31 1.2 Miidiyaa Aadaa fi Miidiyaa Haaraa

33 1.3 Intarneetii fi Miidiyaa Hawaasaa

**36 2. Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo (MIL)**

37 2.1 Bu'uraalee Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo

**40 3. Haasaa Jibbiinsaa fi Dubbii Jibbiinsaa Mormuu**

40 3.1 Dubbii Jibbiinsaa fi Dubbii hamaa

42 3.2 Bu'uura Haasaa Jibbiinsaa

42 3.3 Agarsiistotaa fi Mallattoolee Haasaa Jibbiinsaa

44 3.4 Haasaa Jibbiinsaa Adda Baasuu | Tarree Sakatta'iinsaa

45 3.5 Haasaa Jibbiinsaa/Balaafamaa Ofirraa Ittisuu

**45 4. Odeeffannoo Dongoraaa fi Dhugaa Adda Baasuu**

47 4.1 Odeeffannoo Sobaa

49 4.2 Bifa odeeffannoo sobaa

52 4.3 Mala Dhugaa Adda Baasuu

54 4.4 Tarree Odeeffannoo Sobaa Addaan Baasuu

56 **03 Ogummaa Nagaa Ijaaruu**

58 Atkivistummaa Haala Qabataama Itoophiyaa Keessatti

**59 1. Seensaa fi Hiikkaa**

**61 2. Ogummaa fi Qabiyyee Seenaa**

62 2.1 Amantii fi Aartii Itoophiyaa Keessatti

63 2.2 Manneen Murtii Mootii fi Guddina Ogummaa

63 2.3 Aartii fi Miidhaa Hawaasummaa

**65 3. Ogummaa Tokkummaa fi Heddumina Kabajuff**

66 3.1 Bifa Ogummaa

**70 4. Aartiin Akka Si'eessituu Jijjiirama Hawaasummaatti**

**73 5. Waldhabdee Booda Nagaa Buusuuf Gahee Ogummaan Qabu**

73 5.1 Ogummaan Godaannisa Fayyisa – Iniis Akka Armaan Gadiitti

78 **Yaadannoo Qindeessaa**

**78 1. Leenjii Qindeessuu**

**78 2. Sagantaa Kee Karoorfachuu**

**82 3. Bu'uuraalee Leenjii**

**83 4. Walgahiif Qindeesuu**

**86 5. Yaadaa Kennuu**

**89 Galata**

# 01

# Eenyummaa



# Eenyummaa Haala Nageenyaa fi Waldhabdee Keessatti Hubachuu



## Qabiyyee


8 Kaayyoo Boqonnaa
9 Seensaa fi Hiikkaa
9 Eenyummaa fi ijaarsa Isaa
13 Eenyummaa fi Waldhabdee
21 Eenyummaa, Ijaarsa Nageenyaa fi Araara


## Kaayyoo Boqonnaa

***Xumura boqonnaa kanaa irratti eenyummaan akkamitti saba, amantii, afaanii fi naannoo wajjin akka walqabatu, namoonni akkamitti akka ofii isaanii fi namoota biroo itti ilaalan ni boccu akkasumas eenyummaan kun haala adda addaa keessatti akkamitti akka jijjiiramu hubachuu ni dandeessu.***

Dabalataanis nagaa fi waldhabdee irratti dhiibbaa akkamii akka qabu ni barattu. Ibsaaleen akka agarsiistuu Eenyummaa Hawaasaa eenyummaan keenya hedduun akkamitti akka wal-irra bu'an kan isinitti agarsiisaniidha. Kanuma waliin, Piraamidiin Jibbaa, loogiin xixiqqoo, kan akka ilaalcha dogoggoraa ykn qoosaa, yoo callifamee dhiifame gara Miidhaatti guddachuu akka danda'u agarsiisa. Nagaa ijaaruu jechuun jal'ina darbeef beekamtii kennuu dhiisuu, seeneffama hunda hammate guddisuu fi mariidhaaf iddoo kennu jechuudha. Humna eenyummaa hubachuu fi loogii dafanii furuun gara araaraa fi nagaa gara fuulduraatiif hojjechuu dandeenya.



## 1. SEENSAA FI HIIKKAA



***Eenyummaan tuuta amala, amantaa fi amala addaa nama ykn garee tokko kan ibsudha. Ilaalcha dhuunfaa fi hawaasummaa kan hammatu fi akkaataa namoonni dhuunfaa ofii isaanii fi namoota biroo itti ilaalan kan agarsiisudha.***

Innis qabiyye namoonnii ittin of ibsaan (qabiyyee Ibsituu) fi qabiyyee namoonnii ittin qaama biroo ibsan (ilaalachaa dhugaa namonnii halaa argama baayolooji keetii ykn hawaasummaa irraa ka'uun qabataniidha) qaba. Innis wantoota aadaa, saba, gosa, amantii, saalaa fi hawaas-dinagdee kan hammatedha.

Eenyummaan amala, walqunnamtii fi caasaa hawaasaa irratti dhiibbaa qaba. Haala Itiyoophiyaa keessatti yeroo baay'ee eenyummaan madda tokkummaa fi qoqqoodinsaa ta'uun, waldhabdee seenaa fi ammaa keessatti gahee olaanaa taphachaa tureera. Boqonnaan kun eenyummaa, haalaa ijaarsa isaa fi gahee inni waldhabdee keessatti qabu irratti xiinxaluudhaan wal hubannoo fi nagaa guddisuuf kan akeekedha.

## 2. EENYUMMAA FI IJAARSA ISAA

***Eenyummaan bal'aa fi gama hedduu kan ilaallamuudha. Namni ykn gareen tokko yeroo tokkotti eenyummaa hedduu of keessaa qabaachuu danda'a. Eenyummaa gara waan tokkotti fiduun salphisuun walxaxiinsa muuxannoo dhala namaa ni salphisa.***

Ijoollummaa keenyatti namoota dafnee garee adda ta'etti ramadna. Eenyu akka qaama garee keenyaa fi eenyu akka nama alaa ta'e ni baranna. Ibsi armaan gadii akkamitti itti yaadnee ykn osoo hin beekin amala "nuti fi isaan" jedhu kan ilaalchaa fi gocha keenya namoota biroo wajjin bocu akka guddifnu taasisa.

- Warri garee maatii keenyaa ta'an ni jiru, kanneen hin taanes jiru.
- Ijoolleen nuti waliin taphannu, ijoolleen nuti waliin hin taphanne ni jiru.
- Namoonni ganda keenyaa fi kanneen gandoota biroo ta'an jiru.
- Namoonni tokko tokko hordofaa amantii keenyaa yoo ta'an, kaan immoo amantii biroo kan hordofaniidha.
- Namoonni beekaa jennee ilaallu jiru, kanneen biroo immoo beekaa akka hin tanee amananna.

***Tarreen kun itti fufa.***

Yeroo hunda gareewwan akkanaa sammuu keenya keessatti ni uumna: nu fi isaan akkasumas namoota biroo.

Amantiiwwan, saboonni, gosoonni, afaanonni hundinuu akkaataa addunyaa kana ittiin ilaalan kana uumuu fi cimsuuf hojjetu. Akkaataan yaaduu kun salphaatti dhufuu kan danda'uudha. Eenyummaa garee ofii jaallachuun sirrii ta'us eenyummaa adda addaa irratti hundaa'uun namoota biroo ofirraa faggeessuun namoota dhuunfaa ykn garee gidduutti waaligaltee dhabuu fi waldhabdee uumuu danda'a. Maalif yoo jennee Sababni isaas namootni nu irraa ykn garee keenya irraa baay'ee adda ta'anii fi faallaa ta'an jiru jennee yoo yaadne haala sirrii hin taaneen keessummeessuuf baay'ee salphaadha.

Garuu oduu gammachiisaatu jira! Eenyummaa ofii keenyaa fi namoota biroo irratti yoo yaadnu garaagarummaa bira darbee waan waloo keenya hubanna. Kana jechuun akkaataa yaada nu-fi-isaan jedhu fudhachuu hin qabnu jechuudha. Irraa caalaa waan waliin qabnu irratti xiyyeeffannee garaagarummaa keenya miidhagina keenyaaf taasisuu ni dandeenya.

**IBSA:** Walfakkeenya keenyaa fi namummaa waliin qabnu irraatti xiyyeeffannoo yoo daballee garaagarummaa jiru dinqisiifachuudhaan nagaadhaan jiraachuu dandeenya.



***Namoota armaan gadii ilaaluun gaaffilee marii armaan gadii irraatti yaada keessaan kaasaa.***

- Nama A: Dubartii Musliimaa, barattuu mahandisaa Sooftiweerii (software engineering) kan gama Olaayiniitiin aktivistii nagaa (online activism) jedhamuun beekamtu, magaalaa daangaa Affaar fi Tigraay gidduu jiraattu.
- Nama B: Barsiisaa Yuunivarsiitii / lecturer/ dhiira afaan Amaaraa, Afaan Oromoo fi afaan Tigiraay dabalatee afaanota jaha sirritti beeku.
- Nama C: Falmataa mirga namoomaa Paan Afrikaa kan magaalaa Dasee Keessaa jiraatu.
- Nama D: Piroofeesara Yuunivarsiitii ka'umsi isaa magaalaa Gaambeellaa ta'ee fi waggaa 15 Harar keessaa jiraate.
- Nama E: Nama magaalaa Fifinnee kutaa magaalaa Qirqoos Keessaatti dhalatee fi guddatee kan Afaan Amaaraa qofa dubbatu.
- Nama F: Finfinnee Kutaa Magaalaa Boolee irraa nama Afaan Amaaraa fi afaan guraagee dubbatu.
- Nama G: Finfinnee Kutaa Magaalaa Yekkaa irraa nama Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa sirriitti beeku.
- Nama H: Dippilomaatii Jibuutii Dirree Dawaa fi Magaalaa Jibuutii gidduu jiraatu.
- Nama I: Baqataa Somaalee waggaa 20f Boolee Madihaani'alamii keessaa jiratee fi afaan Amaaraa muraasa dubbatu.
- Nama J: Nama wallagaatti dhalatee guddate fi naqamtee keessa jiraatu.
- Nama K: Baqataa Lammii Itoophiyaa waggaa 35 booda UK irraa deebi'e.

**QABXIILEE MARII:**

- Taatotni amaloota/wantoota waloo akkamii qabu?
- Amaloonni isaan ibsan maali?
- Akkamitti caalaatti of ibsuu danda'u?


***DABALATA: Daqiiqaa 5 fudhachuun waa'ee eenyummaa keetii fi akkamitti hima tokkoon of ibsuu akka dandeessu yaadi; maaliif dursa kennita?***

- Eenyummaan dhaabbataa dha moo jijjiiramaa dha?
- Gaaffiiwwan Si'eessituu: Sabummaan eenyummaa kenname moo eenyummaa filatame dha? Saalli hoo?

## 2.1 Bu’uura Eenyummaa Hawaasummaa

Bu’uuraleen eenyummaa hawaasummaa eenyummaan wantoota walfakkaatoo hedduu akka of keessaa qabu hubachuuf ni gargaaru. Eenyummaa waliin qaban hubachuun hubannoo guddisuu fi waldhabdee hir’isuu danda’a.

Eenyummaa akka waan tokkootti osoo hin taane, akka waan baay’ee irraa ijaarameetti yaaduudhaan, kanneen yeroo baay’ee garee keenya keessaa miti jennee yaadnu dabalatee namoota biroo wajjin wantoota wal nu fakkeessan salphaatti argachuu dandeenya.




*Diyaagiraamiin kun geengoo kutaalee garagaratti qoodame kan qabu yoo ta’u tokkoon tokkoon isaanii haala eenyummaa keenyaa kan bakka bu’anidha. Wantoonni baay’een maddaa eenyummaa keenyaa akka ta’an beekamaadha, garuu kunniin wantoota waliigalaa keessaa muraasadha.*

*Marsaa eenyummaa hawwasaa*

### SHAAKALA

- **Calaqqee Dhuunfaa:** Hirmaattonni saba, amantii, afaan, sadarkaa hawaasummaa, umurii fi saala isaanii hubachuun bu’uuraa Eenyummaa Hawaasummaa ibsanii xummuru.
- **Marii Garee:** Garee xixiqqoo keessatti hirmaattonni wantoota eenyummaa isaaniif baay’ee barbaachisoo eenyuu waajjin akka qooddatanii fi wantoota isaan walfakkeessaan adda baasu.
- **Ibsa:** Eenyummaa waliinii irratti xiyyeeffachuun akkamitti qoqqoodinsa hir’isuu fi nagaa ijaaruu akka danda’amu irratti mari’achuun.e.
- **Haaromsuu:** Eenyummaa yeroo ibsinu maaltu ilaalamuu qaba?



## 2.2 Qabeenya Dabalataa

Eenyummaa, eenyummaa ofii, eenyummaa hawaasaa, aadaa, saba, waldhabdee, waldhabdee dhaloota gidduu, waldhabdee hawaasummaa, eenyummaa akka sabaatti ilaaluu

*Ethnic Identity and Conflict* | *Elements of Identity in Conflict* | *Culture and Conflict*

# 3. EENYUMMAA FI WALDHABDEE

## Seenaa fi qabiyyee

***Federaalizimiin sab-daneessaa Itoophiyaa bara 1991 kufaatii mootummaa dargiin booda hundeeffame, rakkoo caasaa mootummaa mijaawaa ta’ee fi akka meeshaa adda addummaatti fayyadamuun rakkoo walxaxaa biyyattii Gama Afaanii fi Sabaatiin jiru to’achuu fi haalaa walitti bu’iinsa itti hir’achuu danda’u irraatti kaka’umsa kan uume fakkaata.***

Sirni bulchiinsa kun kan hundaa’e qabsoo siyaasaa waggoota kurnaniif gareewwan sabaan gurmaa’anii hiree ofii ofiin murteeffachuu fi bakka bu’ummaa barbaadan hordofuun ture. Akka seensa Chaartara Ce'umsaa Mootummaa Ce'umsaa Itiyoophiyaa (1991) tti, "hiree ofii ofiin murteeffannaa ummatoota hundaatu qajeeltoowwan jireenya siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa bulchan" [keessaa tokko] ta'a. Diinummaa hunda dhaabuun, madaa (sabummaa) fayyisuu, nagaa fi tasgabbii uumuun barbaachisaa ta’uu isaa cimsee kan ibsuudha.

Bu’a qabeessummaa fi dhiibbaa federaalizimiin sab-daneessaa haala hawaas-siyaasaa Itoophiyaa keessatti qabu ilaalchisee ilaalchi garaa garaa ni jira. Sararri falmii tokko federaalizimiin sabaa fi sablammootaa fedhiiwwan ariifachiisaa saboota adda addaa keessaa muraasa kan akka mirga ofiin of bulchuu, bakka bu’ummaa aadaa fi siyaasaa fi qoqoodiinsaa angoo akka karaa dimokiraasii ta’etti kan ilaalu yoo ta’u kuun immoo federaalizimiin sabaa fi sablammootaa, wantoota biroo caalaa eenyummaa waliinii irratti garaagarummaa jiru garmalee cimsee biyyattii keessatti waldhabdee eenyummaa irratti hundaa’e hammeessa jira jechuun yaada kaasu.

Itoophiyaa har'aa keessatti waldhabdeen sadarkaa namoota gidduu, garee keessatti, garee gidduutti fi sadarkaa idil-addunyaa dabalatee sadarkaa adda addaatti mul'ateera. Dorgommii qabeenya, garaagarummaa ilaalchaa, komii seenaa, madaalliin itti fayyadama aangoo jiraachuu dhabuu fi sodaa gama eenyummaatiin jiru dabalatee wantootni hedduun kana kan kakaasan ta'uu ibsameera.

**DABALATA BARACHUU:** Federaalizimiin sirna mootummaa aangoo giddu galeessaa fi mootummoota naannoo xixiqqaa gidduutti qoodamudha. Federaalizimiin naannoleen qaama biyya gudditti ta'anii dhimma isaanii tokko tokko kan akka murtii barnootaa ykn afaan hojii ilaalchisee kennamu akka bulchan ni hayyama. Mootummoonni federaalaa Arjentiinaa, Kaanaadaa, Jarmanii fi Afrikaa Kibbaa of keessatti qabatu.

## 3.1 Eenyummaa Akka Sabaatti Fudhachuu

Hedduun isaanii federaalizimii sabummaa fudhachuun eenyummaa biyyaalessaa caalaa eenyummaa sabaa irratti xiyyeeffannoo guddaa akka kennu taasiseera jedhu, kunis taatee enyumama akka sabaatti fudhachuu jedhamuun waamamuudha.

***Karaaleen kunneen kan Itoophiyaa keessatti mul'achuu danda'an muraasni kunooti:***

- Dhaloonni dargaggootaa eenyummaa biyyaalessaa isaanii caalaa saba isaaniitiin adda baafamuuf carraan isaanii guddaadha.
- Sabummaan gareewwan siyaasaa fi hawaasummaa tokko tokkoof sababa sochii fi gurmaa'inaa olaanaa ta'eera.



## 3.2 Federaalizimii Sab-daneessaa fi Wal-dhabdee

Federaalizimiin sabaa fi sablammootaa garee xinnaa dhiibaman humneessuu fi walitti bu'iinsa hir'isuuf kan kaayyeffate yoo ta'u karaa hedduudhaan waldhabdeen garee/sabaa gidduutti uumamu akka hammaatu gumaacheera.

***Federaalizimiin sab-daneessaa kallattiinis ta'e al-kallattiin walitti bu'iinsa keessatti akkamitti akka hirmaate kan agarsiisan haalawwan muraasni kunooti.***

- Waldhabdeen eenyummaa irratti hundaa'e kan qoodamiinsa siyaasaa fi hawaasummaa waliin wal-qabate waggoota kurnan darban keessatti hammaatee Miidhaa fi buqqa'iinsa lammiilee Itoophiyaa miliyoonaan lakkaa'aman geessiseera. Ityoophiyaatti namoota biyya keessaa buqqa'an miliyoona 4.4 keessaa walakkaan ol sababa walitti bu'iinsaan qe'ee isaanii gadhiisaniiru.
- Dhaabbileen siyaasaa gurguddoon biyyattii irra caalaan isaanii sabaan kan gurmaa'an yoo ta'u sabummaan siyaasaa baay'ee dabaleera. Qoodinsi kun walshakkii fi jijjiirama waa'ee sabummaa to'annaa ala ta'uu danda'u horateera.
- Hiika sabaa isa jalqabaa irratti hundaa'uun seeneffamni "keessaa" ykn "alaa" jedhu dabalaa dhufeera, kunis bakka hedduutti namoota "qubattoota" gidduutti ykn irratti Miidhaa uumuun, mirga siyaasaa isaanii kan miidhu, dhiibuu, loogii fi yeroo tokko tokko Miidhaa uumuuf sababa ta'eera.
- Sirnichi qabeenya mootummaa sabaa fi sablammootaatiin dorgommii uumuun daangaa naannoo fi qabeenya dinagdee irratti gara waldhabdeetti akka galamuu taasiseera.

**GAAFFADHU:** Karaa biraatiin Federaalizimiin Sab-daneessaa Itoophiyaa keessatti nagaa moo walitti bu'iinsaf gumaacha qaba? Mana keessatti fi mana barumsaa keessattis ta'e iddoo hojiitti yaadootaa dhuunfaa dabalataa qoodaa.

## 3.3 Waldhabdee Sababa Eenyummaatiin Dhufu

***Eenyummaan sabaa kan agarsiisu miira namni dhuunfaa tokko saba murtaa'e tokko keessaatti qabu yoo ta'u kunis amala waliinii kan akka hambaa aadaa fi seenaa, sabummaa, amantii, afaan ykn bakka jireenyaa teessuma lafaa irratti hundaa'e fa'a.*** Haala Itiyoophiyaa keessatti eenyummaan sabaa leensii jalqabaa qabeenya argachuu, bakka bu'ummaa siyaasaa fi haali hawaasummaa ittiin ilaalamu ta'eera. Xiyyeeffannaan garmalee saba irratti kennamu dorgommii garee gidduutti taasifamu olkaasuu qofa osoo hin taane gochaalee seeraan ala ta'an guddiseera, namoonni dhuunfaa naannoo isaanii keessatti "warroota keessaa/keenya" ykn "warroota alaa/ keenya kan hin taane" jedhamanii ramadamu. Namoonnii tokko tokko waldhabdee sabaatiif sabummaan komatamuu hin danda'u garuu namoota siyaasaa ofi barbaaduu keessatti eenyummaa sabaa siyaasa taasisaniidha jechuun qeequ. Bu'uurri caasaa kun waldhabdee naannoo, falmii daangaa fi gareewwan xixxiqqoon akka ormatti/gandaatti ilaalamuun guddachaa akkaa dhufuuf gummacha qaba.

Waggoota dhihoo darban keessatti Itiyoophiyaan komii eenyummaan walqabatan irraa waldhabdee maddee guddaa keessummeessite jirti. Seenaa irra deebiin hiikuun, dorgommii qabeenya hanqina qabuu fi sochiin siyaasaa Sabummaa irratti hundaa'e waldhabdee daran hammeessee jira. Miidiyaan hawaasaa jiraachuun immoo qoqqoodinsa kana daran cimsee, haasaa jibbiinsaa fi dubbii nama kakaasuu fi waldhabdee akka hammattuuf waltajjii ta'eera.

## 3.4 Osoo hin beekiin nama irraatti ka'uu

***Hawaasni yeroo baay'ee saba, amantii fi aadaa adda addaa irraa ijaarama.*** Yeroo tokko tokko gareewwan kun akka waan wal hin madaalleetti kan haas'amu ni dhagahama. Yeroo baay'ee kunniin sababa seenaa, hambaa koloneeffannaa ykn taateewwan dhiheenya kanaa irraa kan ka'aniidha. Sodaan waldhabdee fiduu danda'a.

Yeroo baayyee wantoota eenyummaa keenya ta'anii fi hawaasa keessatti garee biraatiin xiyyeeffannoo argatan ni beekna. Eenyummaan keenya walqunnamtii tokko- tokkoon akkasumas sadarkaa naannoo fi biyyaatti qormaataaaf kan saaxilamee ykn sodaan akka nutti dhaga'amuu taasisuu kan danda'uudha.



Kanaaf namoota garee keenya keessa jiran jaallachuu malee namoota garee biraa irraa dhufan akka hin jaallanne taanee jirra. Amalli kun loogummaa jedhama, loogii nama tokkoof ykn garee tokkoof raawwatamuudha.

Ogeessi xiin-sammuu beekamaan Gordon Allport, loogiin akka gocha cimaa dabalaa dhufeetti ilaalamuu akka danda'u argisiiseera. Gochoonni kun gocha salphaa nama tokko jaallachuu dhabuu irraa kaasee hanga nama tokko irraa fagaachuu, dhiibuu, miidhaa qaamaa fi duguuggaa sanyii illee ni hammata.

Fakkeenyota duguuggaa sanyii jaarraa 20ffaa keessa raawwataman yoo ilaalle waggoota muraasa keessatti gochoonni loogii gara duguuggaa sanyii akkamitti akka guddatan ni argina. Akkamitti loogiin hammachuu akka danda'u ilaaluun gochoota loogii miidhaa hin qabne fakkaatan akkuma uumamaniin maaliif furuu akka qabnu nu yaadachiisa.


***Waa'ee loogii yeroo yaadnu wantootni yaada keessa galchuu qabnu tokko tokko kanneen armaan gadiiti:***

- Loogiin amala baratamu yoo ta'u barachuu dhiisuun ni danda'ama.
- Malli qabatamaan loogii furuuf gargaaru garee irratti osoo hin taane namoota dhuunfaa irratti xiyyeeffachuu fi waan walfakkaatan barbaaduudha.
- Namoonni waa'ee isaanii ilaalchisee miirri gaarii itti dhaga'amu namoota kaanitti duuluun hin barbaachisu. Hamma gaarummaa fi garraamummaa ofii keenyaaf argisiisuu dandeenyu namoota biroottis argisiisuu ni dandeenya.

## 3.5 Piraamidii Jibbiinsaa

***Piraamidiin Jibbiinsaa amalli gadheen akkamitti jalaa hanga gubbaatti walxaxaa akka deemuu fi akka guddatu agarsiisa.*** Amaloonni sadarkaa tokkoon tokkoon isaanii namoota dhuunfaa fi garee irratti dhiibbaa hamaa kan geessisan ta'us akkuma namni tokko piraamidii ol ba'aa deemuun lubbuu namaa balaadhaaf saaxiluun dabalaa deema.

Akkuma piraamidii sadarkaaleen gubbaa irraa jiran sadarkaa gadiitiin deeggaramu. Namoonni ykn dhaabbileen amala sadarkaa gadii irratti argaman akka fudhatama qabuutti ykn "Baratamaa"tti yoo ilaalan amallii kun sadarkaa itti aanutti caalaatti fudhatama argata.




*Piraamidiin Jibbiinsaa akkamitti miidhaan fi duguuggaan sanyii gochoota amala hamaa kan akka loogii fi doorsisa sadarkaa gadii piraamidii keessatti ibsaman irratti ka'uun akka raawwatamu agarsiisa.*

*Piraamidii Jibbiinsaa*

## Gaaffiiwwan Ilaallamuu Qaban

Hundi keenya hamma tokko gochaalee Piraamidii Jibbiinsaa irratti ibsamaan irraatti hirmaachuu keenya beekuun barbaachisaa dha. ***Gocha keenya darbe irratti amanamummaa guddaa yoo qabannee fi caallatti hojii sireeffamaa hojjechuu dandeenye jibba caallattii mormuun gaarummaa fi nagaa babal'isuu irratti waan fooyyee qabu raawwachuu ni dandeenya.***

- Sadarkaa adda addaatti gochoonni raawwadhe jettee amantu maal fa'adha?
- Isaan bakka buusuuf maal gochuu dandeessa?
    - *Lammata akka isaan hin raawwanne waadaa seenuu ni dandeessaa?*
    - *Nama miite tokko dhiifama gaafachuu ni dandeessaa?*
    - *Nagaa babal'isuu irratti hojjechuuf filannoowwan biroo maal eeruu dandeessa?*
    - *Guddinni kee, aadaan kee fi amantiin kee muuxannoo loogii qabduuf akkamitti gumaacha godhe?*



# 3.6 Itoophiyaa Keessatti Sababoota Waldhabdee Eenyummaa Waliin Walqabatan

- Dorgommiin qabeenya naannoo akkaa Sabaatti taasifamu yeroo baayyee waldhabdeen lafa, bishaanii fi carraa dinagdee irratti akka uumamu taasisa.
- Sabummaa akka meeshaa sochii siyaasaatti too'achuu, hoggantoonni eenyummaa sabaa fayyadamuun deeggarsa walitti qabuu fi aangoo cimsuu.
- Daangaa naannoo irratti waldhabdee irra deddeebi'amee uumamu, naannoleen/hawaasni tokko tokko naannoowwan walmorkii qaban waliin hidhata seenaa ykn aadaa akka qaban waan himaniif.
- Mirga lammummaa sabaa gadi buusuun, naannolee keessatti gosoota ummatoota "angoo qabanii" fi "angoo hin qabne " uumuun, yeroo baayyee ummata baay'ina xiqqaa qaban baay'ee dhiibuu.
- Sababa barruu seenaa wal faallessu barreessuu irraa kan ka'e namootaaf Mammaaksa kennuu, seenaa gosaa fayidaa siyaasa ofiitiif irra deebi'anii bocuu fi irra deebi'anii hiikuu.

**Hubachiisa:** Qorannoon akka agarsiisutti biyyoota sabaan qoqqoodaman keessatti ilaalchi sabummaa lammiileen pOgummaa saba isaaniif akka sagalee kennan kan kakaasu yoo ta'u kunis biyyaa keessaatti komiin sabaa fi carraa waraana akka dabalu taasisa.

## *Qo'annoo dhimmaa: Waldhabdee Eenyummaa irratti Hundaa'e*

K'n baqataa lammii Itoophiyaa UK irraa deebi'e yoo ta'u hiriyyaa isaa durii H daawwachuuf gara Dirree Dawaa imalee osoo mana bunaa naannoo mana jireenyaa H'tti argamutti eegaa jiruu K'n aktivistiin Paan-Afrikaa C waliin wal argan. Haasaan isaaniis akka tasaa imaammata mootummaan UK dhiheenya kana godaantota seeraan alaa gara Ruwaandaatti deebisuuf baasee irratti kan ture yoo ta'u mariin

isaaniis baay'ee hoo'e. K fi C'n ilaalcha faallaa kan qaban yoo ta'u gidduu isaanitti falmii hammachaa deeme.

Piroofeesara yunivarsiitii kan ta'an Dr. D imala hojii gabaabaa gara Dirree Dawaaatti gochaa kan turan yoo ta'u yeroo sanatti mana bunaa sana turan. Falmii kana dhaga'uun Dr. D murtee mootummaa UK kanaaf deeggarsa isaanii ibsan. K'n miiraa aarii keessaa galuun Dr. D xiqqeessuu jalqabe, "Garbicha" (jecha xiqqeessuu) jedhee waamuu jalqabe. Falmiin afaaniin uumame dafee gara walitti bu'iinsa qaamaatti jijjiirame.

H'n bakka sana ga'ee gidduu seenuuf yaale Kan nama gaddisiisu garuu Miidhaa uumame keessatti akka tasaa Dr. D'dhaan miidhaan gaddisisaan irra gahee, H'n miidhaa isaatiin mo'ammee boruumtaa isaa hospitaala keessatti du'e.

### Gaaffilee Marii

- **Sababoota Hundee ta'an**: Wantoonni bu'uraa Waldhabdeen kun akka hammaatu taasisaan maal fa'aa?
- **Dhimmoota**: Eenyummaan, komiin seenaa fi ilaalchi dogoggoraa akkamitti gahee taphate?
- **Dhiibbaa**: Bu'aan battalaa fi yeroo dheeraa taatee kanaa maal ture?
- **Bulchiinsa Waldhabdee**: Osoo K, C ykn Dr. D taatee akkamitti haalichi akka hin hammannee gochuu dandeessa turte?
- **Barnoota Baratame**: Hawaasni gara fuulduraatti walitti bu'iinsa akkasii ittisuuf tooftaalee akkamii fayyadamuu qabu?

**Hubannoo Dabalataaf:** Xiinxalli waldhabdee sirnaa qo'annoo waa'ee sababoota, qooda fudhattootaa fi jijjiiraamuu waldhabdee qorachuudha. Waldhabdeen kamiyyuu yeroo nu mudatu xiinxala waldhabdee sirrii ta'e gaggeessuun maalummaa isaa, sababa isaa, qooda fudhattoota isaa fi kkf osoo hin hubatin gidduu lixuu murteessuuf ariifachuu hin qabnu.



# 4. EENYUMMAA, IJAARSA NAGEENYAA FI ARAARA

## 4.1 Gahee Marii hiika qabeesssa Garee Gidduutti raawwatamu

***Mariin hiika qabu gareewwan gidduutti keessumaa hawaasa amantii, amantaa ykn aadaa adda addaa qaban giddutti taasifamuun dhiphina ykn shakkii umamu hir'isuuf ni gargaara.***

Walqunnamtiin gareewwan gidduutti bu'aa qabeessa ta'ee dhabamuu fi walirraa adda bahuun yeroo baay'ee waldhabdee gareewwan gidduutti uumamuuf gumaacha guddaa kan qaban ta'uun ni beekkama. Haalli kun diinummaa, loogii, haasaa jibbiinsaa fi Miidhaaf kakaasuun akka danda'amu taasisa – kun keessumaa seenaan walsodaa gareewwan gidduutti jiru hammaate yeroo jirutti kan muudatuudha.

**Seenaa bu'uura yaadaa**

Seenaa armaan gadii dubbisaatii daangaa fi dandeettii walgahii marii irratti mari'adhaa.

Haala hawaasummaa addaa waldhabdeen boodaa irraatti gareen dargaggootaa tokko karaa garee nageenyaa isaaniitiin marii hawaasaa qopheessaniiru. Gareen kun bakka bu'oota kutaa hawaasaa tokkoon tokkoon isaanii irraa akka qaama walitti bu'iinsa qabaniitti affeereera. Hirmaattonni affeeraman hundinuu baay'ee waan aaraniif miidhamuu isaanii fi jal'ina jiru ibsuuf mariitti galanii gareewwan kutaa sana keessa jiran biroo irratti himannaa dhiyeessan. Hundi isaanii miidhaa sababa gocha raawwchu fi raawwachuu dhabuu gareen birootiin isaan irra gahe kaasan. Isaan keessaa tokkollee muuxannoo namni akka isanii dabarse dhaggeeffachuuf qophii hin turre. Hirmaattonni guyyaa guutuu osoo wal hin dhaggeeffatin dubbachaa turan. Kutaan kun amala hirmaattota biroo fi itti fayyadama qunnamtii afaanii fi mallattoo/ afaaniin ala ta'e/ ta'een hirmaattota jeeqee tura. Guyyaan jalqabaa walgahii marii haala kanaan xumurame.

**Gaaffii:** Mariin sirriin raawwatameera jettanii yaadduu? Yoo hin taane rakkoon maal ture? Lama lamaan ta'uun mari'achuun yaada keessan nuuf qoodaa.

**Mariin dhiphinaa salphisuuf gargaruu ni danda'a.**
Mariin bu'a qabeessa ta'uuf yaada waljijjiirraa fakeenyaaleetiif osoo hin taane yaadaa dhugaa ta'eef bakka kennuu qaba. Garaagarummaa fi waliigaltee dhabuu irrattis bakki itti mari'atamu jiraachuu qaba. Mariin hunda kan hammate ta'uu qaba, hoggantoota aadaa dabalatee sanaa olitti bakka bu'ummaa hawaasaa kan hayyamu ta'uu qaba. Sagalee dubartoota, haadholii warraa, dargaggoota fi hawaasa buqqaatota/ xiqqaa gara fuulduraatti fiduun murteessaadha.

**Marii fi Araara**
Bakka marii nageenya qabuu fi hunda hammate uumuudhaan adeemsi araaraaf qindeeffamuu, gara hariiroo deebisanii ijaaruutti, bu'uura waloo hundeessuutti geessuu, jal'inaa fi miidhaawwan darban furuu, gara fuula duraatti mul'ata waliinii akka guddatu taasisuu ni danda'a.

### Gaaffiiwwan Ilaallamuu Qaban

- Marii garee gidduutti taasifamu irratti hirmaattanii beektuu?
- Gareewwan adda addaa walitti fiduudhaan marii hiika qabeessa akkaataa itti nageenya deeggaranii irratti hirmaachuun hangam akka fayyadu tilmaamtanii beektuu?
- Marii garee gidduutti taasifamu irratti bobba'uuf tarkaanfii xiqqaa ati fudhachuu dandeessu maali?
    - *Garee keetiin ala nama biraa tokko qaqqabuun sadarkaa dhuunfaatti jalqabuu dandeessaa?*
    - *Mana barumsaa ykn Waldaa Kiristaanaa/ waldaa naannoo keessan jiru keessatti namoota walitti dhufanii walga'anii haasa'uu danda'anitti sagantaa jalqabuu dandeessaa?*
    - *Yaadota biroo marii banaa guddisuuf gargaaran maal yaaduu dandeessa?*
- Bakka namoonni nagaadhaan, kabajaan, bilisaan itti haasa'an uumuun maaliif barbaachisaa ta'a?



**Eenyuutu Marii Keessatti Hirmaachuu Qaba?**
Qajeelfama bu'uuraa jalqabbii marii kamiyyuu keessaa tokko hunda hammatee ta'uu isaati. Namoonni walitti bu'iinsa irratti bobba'anii fi miidhaman hundi fedhii, galma, dandeettii fi hariiroo isaanii dabalatee (fkn, gareewwan hidhatan, dhaabbilee fi namoota dhuunfaa) waltajjii marii irratti affeeramuu qabu. Taatonni marii keessatti hirmaatan hoggantoota hawaasaa, jaarsolii, abbootii amantii, dubartoota, caasaa mootummaa naannoo, gareewwan hidhatan fi dargaggoota kan hammate ta'uu qaba.

## 4.2 Gahee Hooggantoota Hawaasaa

Gaggeessitoonni hawaasaa fi amantaa jireenya fi amala namoota biroo irratti dhiibbaa uumuuf dandeettii guddaa qabu. Yeroo dubbatan ergaan isaanii dhiibbaa guddaa geessisuu danda'a. Hoggantoonni haasaa jibbiinsaa fi Miidhaa dubbachuu keessatti gahee olaanaa kan qaban kanaafidha.

***Seenaa milkaa'ina: Gahee jaarsoliin waldhabdee sabaa hambisuu keessatti qaban***



Seenaan milkaa'ina Itiyoophiyaa keessatti yeroo dhiyoo as maanguddoonni Gaamoo fi sabaa fi Sablamoota magaalaa Arbaa Miincii keessatti waldhibdee hir'isuun mormitoota waldhabdee sabaa fi sablammoota Buraayyuu Fulbaana 17 bara 2018 A.L.A tti mudateen namoonnii Sabummaan isaanii Gaamoo,

Oromoo fi sabootaa biroo ta'an kudha lama waan ajjeffamaniif Dukkaana/suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba oromoo ta'ee barbadeessun haaloo ba'uu barbaadan dhaabsisaniiru. Walitti bu'iinsa kana keessatti namoonnii kumaatan Lakka'amaan magaalaa Buraayyuu naannoo Oromiyaa Itiyoophiyaa magaalaa guddoo Finfinnee irraa xiqqoo fagaattee argamtu irraa buqqa'aniiru. Gareen dargaggootaa Arbaa Miincii, Gaamoo Gofaa, kutaa Lixa Itoophiyaa keessatti argamaan sochii haleellaa iddoo daldalaa/ Suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba Oromoo ta'ee fi magalaa Arbaa Miincii keessaatti argamaan irratti xiyyeeffate haaloo ba'uuf tarkaanfii yeroo fudhatan maanguddoonni Gaamoo marga jidhaa/ lallisaa qabatanii lafatti jilbeenfatanii dargaggoonni iddoo daldala/ suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba Oromoo ta'e akka hin barbadeessineef kadhachuuf gidduu seenuudhaan maanguddoonni miidhaan akka hin qaqqabne taasisaniiru. Lammiileen Itiyoophiyaa baay'een isaanii oguummaa Jaarsolii gaamoo raajeffachuun namoota baay'eedhaan akka seenaa bu'aa qabeessaatti lakka'ameera. (UNESCO, 2020)

- Ergaa nagaa, wal danda'uu, wal keessummessuu fi wal kabajuu babal'isuu.
- Keessattuu marii guddisuu fi taateewwan waliin jireenya, nageenya ijaaruu keessummeessuudhaan waldhabdee hawaasa gidduu jiru hir'isuuf tarkaanfii fudhachuu.
- Ergaa gaarii toora intarneetii fi gama intarneetii alaatiin tamsaasu. Yeroo danda'ametti ergaawwan nageenyaa qooqaa fi afaanota naannootiin babal'isaa.
- Gabaasa ibsaa fi labsii amantii, hawaasaa fi hoggantootaa sabaa fi aangawoota kakaasuu balaaleffachuu fi/ykn ergaa filannoo qopheessuu dabarsuu fi akkaasumaas namoota hundaa qaqqabsiisuu.
- Dargaggoota hirmaachisuun hir'ina haqummaa, ijaarsaa nageenyaa fi rakkolee karaa nagaa furuuf akka yaalan gochuu.
- Wanti dargaggoonni dubbatan kan nama rifachiisu ykn falmisiisaa yoo ta'e illee komii isaanii dhaggeeffachuu fi furmaata kennuu.
- "Ambaasaaddaroota dargaggootaa" adda baasuun leenjisuun, qooda fudhattoota cimoo fi barsiisota hiriyaa isaanii irraatti hojjetan adda baasuun leenjisuun bu'uura waldhabdee fi miidhaa hamaa sababa waldhabdeen dhuufu hambisuu.



## 4.3 Yaada Imaammataa

- **Barnoota:** Eenyummaa lammiileen Itiyoophiyaa adda addaa fi seenaa waliin qaban irratti hubannoo uumuu.
- **Waltajjiiwwan Marii:** Iddoowwan walqunnamtii fi wal hubannoo gareewwan gidduutti uumuu.
- **Dambii Haasaa Jibbiinsaa:** Seerota haasawa jibbiinsaa fi loogii irratti bahan hojiirra oolchuu fi cimsuu.
- **Teeknooloojii fayyadamuu:** Waldhabdee dafanii adda baasuu fi furuuf meeshaalee dijitaalaa fayyadamuu.
- **Maloota Aadaa Deeggaruu:** Hojimaata aadaa waldhabdee ittiin hiikan cimsuu fi ammayyeessuun.

# 02

# Miidhaa Miidiyaa fi Odeeffannoo



# Gumaacha miidiyaan waldhabdee keessatti qabu hubachuu



## Qabiyyee

34 Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo
38 Haasaa Jibbiinsaa fi Dubbii Jibbiinsaa Mormuu
45 Odeeffannoo dongoraaa fi dhugaa adda baasuu

***Boqonnaa darbe keessatti haala eenyummaa qoranneerra. Eenyummaan addunyaa keenya akkamitti akka bocuu fi muuxannoon keenyaan ilaalcha addunyaa keenya keessaa fi alaa akkamitti akka bocuun dand'amu baranne jira. Gaaffiin itti aanu miidiyaan dhiibbaa akkamii nurratti gochaa jira? kan jedhuudha. Haasaa jibbiinsaa mormuu fi ergaa nagaa fi araaraa babal'isuuf ni hojjenna.***


Xumura boqonnaa kanaatti miidiyaan ilaalcha ummataa akkamitti akka bocuu fi Nageenya ykn walitti bu'iinsaaf gumaacha akkamii akka godhu, keessumaa haala Itoophiyaa keessatti gahe qabu ni hubattu. Garaagarummaa miidiyaa aadaa fi haaraa gidduu jiru akkasumas akkaataa Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo (MIL) dhuma irratti dandeettii qabiyyee miidiyaa ilaaluu, xiinxaluu, uumuu, irratti xiinxaluu fi hojjechuuf si dandeessisu ni baratta. Boqonnaan kun dhiibbaa haasaan jibbiinsaa fi haasaan badaa qoratee, meeshaalee Bu'uura Haasaa Jibbiinsaa fi hubannoo ta'aniif akka seeraa Itoophiyaatti deebii dhiyeessa. Akkaataa Miidhaa odeeffannoo gosa adda addaa-odeeffannoo sobaa, Odeeffannoo sobaa fi odeeffannoo-dhugaa sakatta'uu, yaada qeeqaa fi itti fayyadama meeshaalee daangaa hin qabnee adda baasuu fi ittisuu itti dandeessu ni argatta. Walumaagalatti beekumsi kun seeneffama miidhaa geessisu mormuu, marii hunda hammate guddisuu, hawaasa odeeffannoo fi nageenyaa qabuuf gumaachuu akka taasistu si gargara.



## 1. SEENSA

### 1.1 Miidiyaan maali?

***Akka waliigalattii "miidiyaa" jechuun bakka qunnamtii ykn meeshaalee odeeffannoo ykn daataa kuusanii fi qaqqabsiisaniidha.***



Miidiyaan mala qunnamtii hawaasaa isa jalqabaa yoo ta'u waltajjiiwwan/platforms/ akka tamsaasa/broadcasting/, maxxansaa fi intarneetii fayyadamuun kan raawwatamuudha. Bifa salphaa ta'een miidiyaan jechuun meeshaa qunnamtii kan akka raadiyoo, televizhiinii, gaazexaa, barruulee fi intarneetii dhaggeeffattoota bal'aa bira ga'u ykn dhiibbaa geessisu jechuudha.

### 1.2 Miidiyaa Aadaa fi Miidiyaa Haaraa

**Miidiyaaleen Aadaa:** Kan akka gaazexaa, maxxansaa barruulee, televizhiinii, raadiyoo fi kitaabota qaamaan mul'atan dabalatee meeshaalee qunnamtii hawaasaan barataman fi waggoota darban keessatti hundeeffaman hundaa kan hammataniidha. Yeroo dheeraaf madda oduu fi bashannanaa isa jalqabaa ta'uun tajaajilaa kan ture. Fakkeenyonni miidiyaalee aadaa Itoophiyaa keessaa muraasni raadiyoo Shaggar FM, Dhaabbata Tamsaasa Itoophiyaa/the Ethiopian broadcasting Corporation/ (Televizhinii Itoophiyaa, ETV dabalatee) fi gaazexaa Riippoortaraa fa'a.

**Miidiyaan haaraan** bifa qunnamtii fi teeknooloojii ammayyaa jechuu yoo ta'u kunis intarneetii, miidiyaa hawaasaa, meeshaalee moobaayilaa, qunnamtii dhugaa Fageenya irraa taasifamu (virtual reality) fi waltajjiiwwan dijitaalaa biroo dabalata. Haala miidiyaa daran jijjiireera, akkaataa itti fayyadamnuu fi wal qunnamnu jijjiiraa jira. Fakkeenyoota miidiyaalee haaraa Itoophiyaa keessaa muraasni kan akka TIKVAH-Ethiopia (waltajjii miidiyaa oduu Telegram irratti hundaa'e), DirreeTube (waltajjii miidiyaa oduu Facebook irratti hundaa'e) fi Ethiopia Insider (Marsariitii Oduu).

| Amaloota Miidiyaa Aadaa | Amaloota Miidiyaa Haaraa |
|---|---|
| - Walqunnamtii Karaa Tokko<br>- Wal-qunnamtii Daangeffame<br>- Haala qunnamtii qaamaa<br>- Raabsa Sagantaa<br>- Naannoo dhaqqabu<br>- Baasii Omishaa<br>- Ogeessota Karra Eegdota<br>- Umrii Dheeraa fi Dhaabbataa<br>- Xiinxala Daangeffame<br>- Fayyadama Tooraan Alaa/ offline | - Walqunnamtii<br>- Dhaqqabummaa<br>- Dhaqqabummaa Addunyaa<br>- Walitti hidhamiinsa Miidiyaa hedduu<br>- Walqunnamtii Yeroo-Dhugaa<br>- Qabiyyee fayyadamaan qophaa'u<br>- Kan dhuunfaa ta'uu<br>- Baay'inaa fi qaama biroof Qoodamuu<br>- Jijjiirama Dhaabbataa<br>- Waliti hidhamiinsa Adunyaan dhugaa fi varchuwaalii |

Xumura irratti miidiyaaleen aadaa yaada ummataa fi imaammata karaa gabaasa aangoo qabuun chaanaalii isaanii irratti qopheessu. Faallaa kanaatiin miidiyaaleen haaraan sagalee adda addaa fi hirmaannaa yeroo qabatamaa guddisuun ilaalchaa fi murtoo hawaasaa irratti dhiibbaa yeroo gabaabaa keessatti kan uumudha. Lamaan isaanii yaada fi ilaalcha hawaasaa bocuu keessatti gahee guddaa taphatu.

### Gaaffiiwwan Marii

- Kanneen eeramaniin ala miidiyaalee akkamii beekta?
- Odeeffannoo argachuuf miidiyaalee akkamii fayyadamta, miidiyaalee akka amanattu ykn baay'ee itti fayyadamtuuf wantonnii dhiibbaa gaggeessan maal fa'aa?
    - *GAAFADHU: Daqiiqaa 5 fudhachuun wantoota gosa miidiyaa isaan amanan/itti fayyadaman irratti dhiibbaa geessisan galmeessi*
    - *Amanamummaa fi sirrii ta'uu, iftoominaa fi kaayyoo qabaachuu, maqaa gaarii, dhaqqabummaa, siyaasaa ykn ilaalcha, hirmaannaa fi qabiyyee, dhiibbaa hiriyaa*



- Fakkeenyonni miidiyaalee aadaa beektu muraasnii maal fa'aa?
    - *Miidiyaaleen aadaa gaazexaa, barruulee, raadiyoo fi televizhiiinii of keessatti qabata.*
- Miidiyaa haaraa maaltu ibsa, miidiyaa aadaa irraa akkamitti adda ta'aa?
    - ***DABALATA**: Miidiyaaleen haaraan akkaataa namoonni oduu fi odeeffannoo irrattii bobba'an akkamitti jijjiire?*

## 1.3 Intarneetii fi Miidiyaa Hawaasaa

### Intarneetiin Maali?

Intarneetiin networkii addunyaaleessaa afaan waliigalaa TCP/ IP (Transmission Control Protocol/Internet Protocol) fayyadamuun kompitara wal qunnamsiisuudha. Walitti hidhamiinsi kun daataan gara paaketootatti akka qoodamu, sarara daataa irratti keesssan dabarfamuu fi fayyadamaaf irraas walitti qabuu dandeessisa. Tajaajila adda addaa kan akka Imeelii, midiyaalee Hawaasaa fi weebii addunyaaleessaa (World Wide Web) ni hammata. Intarneetiin networkii bal'aa yoo ta'u Marsariitiin Addunyaa (ykn salphaatti Marsariitiin) sirna fuula haayiparliinkii ta'ee fi sanadootaa intarneetii keessaa jiran kan hammatuudha.

**WWW (Marsariitii Addunyaalleessaa/ World Wide Web)** sirna sarvaroota Intarneetii sanadoonni/ragaaleen gidduu isaanii walitti hidhamiinsa salphaa ta'een akka deeman taasisudha. Intarneetiin networkii bal'aa yoo ta'u Marsariitiin addunyaalleessaa (World Wide Web) immoo mala odeeffannoo argachuuf gargaarudha.

### Intarneetiin kan Eenyuti?

**Fudhatama xiqqaa qaba /Dhugaa baasuu/:**
Hirmaattota gaafadhu yaadni "Intarneetiin kan dhaabbata giddugaleessaa tokkooti" jedhu dhugaa moo soba?

Akka waliigalaatti namni intarneetii dhuunfate hin jiru. Innis neetworkii qoqqoodamaa "neetworkii neetworkiilee" waan ta'eef dhaabbanni dhuunfaa fi dhaabbilee gara garaa networkiin qaban hundi isaanii walitti hidhamanii intarneetii uumuu. Kanaaf intarneetiin Qaama qabatamaa tokko caalaa haala bu'uuraalee misoomaa fiizikaalaa irratti hirkateedha.

## Miidiyaan Hawaasummaa Maali?

Miidiyaan hawaasaa meeshaa qunnamtii intarneetii irratti hundaa'ee fi fayyadamtootaa fi hawaasa vaartuwalii gidduutti walqunnamtii toora intarneetii mijeessuudha. Bara 1990 irraa eegalee pilaatfoormoonni miidiyaa hawaasaa networkii namaa dabalaa fi walitti hidhamiinsa guddisaa jiru. Pilaatfoormiin miidiyaa hawaasaa hirmaannaa fi walqunnamtii hawaasaa hayyamuu qaba. Pilaatfoormonnii miidiyaa hawaasaa bara 2025 A.L.A tti tajaajilaa jiran keessaa muraasni ***Feesbuukii, Yuutiyuubii, Inistaagramii, WhatsApp, Tiiktookii, wiichaatii, Teleegiraamii*** fi ***isnaappichaatii*** dha.

**Hojiiwwan Miidiyaa Hawaasaa:**
Appilikeeshiniiwwan miidiyaa hawaasaa fayyadamtoonni qabiyyee gara garaa akka qophessaanii fi wal jijjiraniif ni hayyamu. Fayyadamtoonni akkuma koo fi kee qabiyyee akka fayyadamanii fi maxxansan, marii irratti akka bobba'an fi yeroo qabatamaa keessatti bakka qabatamaa ta'eetti qaama argamuun osoo hin barbaachisiin akka walqunnaman dandeessisu.

Saayitiiwaan neetworkii hawaasaa namoota dhuunfaa:

- Seenaa ummataa ykn walakkaa ummataa ijaaruu
- Tarree walitti hidhamiinsaa ibsa
- Tarree walitti hidhamiinsa isaanii fi kanneen namoota birootiin hojjetan ilaaluu fi daddabarsuu

Biyyoota hedduu keessatti waltajjiiwwan miidiyaa hawaasaa kan akka Feesbuukii miidiyaalee aadaa caalanii madda odeeffannoo jalqabaa ta'aniiru. Isaanis waltajjiiwwan walitti makaman kanneen teeknooloojiiwwan miidiyaa fi qunnamtii adda addaa walitti fiduun miidiyaalee idilee caalaa filatamaa akka ta'an taasisa.



**HUBANNOO DABALATAAF:** **"Gaazexeessummaa Lammii" jedhamee waamamu, namootai idilee karaa toora intarneetii fi miidiyaa hawaasaatiin oduu gabaasan kan dabalatudha. Ilaalcha adda addaa fi uwwisa battalaa kan kennu yoo ta'u garuu sirrii ta'uu fi amanamummaa irratti yaaddoo uumuu danda'a. Fakkeenyaaf nama TikTok'dhaan dhiibbaa uumu kan dhimmoota adda addaa hundee haguugu.**

**Dhiibbaa Hawaasa Irratti Qabu:**
Miidiyaan hawaasaa dhiibbaa gaarii fi hamaa qaba. Kanneen baay'inaan mul'atan keessaa muraasni:

- Walitti Hidhamiinsa Dabaluu: Miidiyaan hawaasaa namoonni fageenyaan osoo hin daangeffamiin hiriyootaafi maatii isaanii waliin akka wal qunnaman gargaara.
- Odeeffannoo Waliif qooduun: Oduu fi odeeffannoon saffisaan akka tamsa'u haala mijeessa.
- Ijaarsa Hawaasaa: Fayyadamtoonni hawaasa/garee onlaayinii fedhii ykn kaayyoo waliinii qaban ijaaruu fi itti makamuu ni danda'u.
- Sochii Hawaasummaa: Sochii hawaasummaa fi siyaasaa guddisuu, hubannoo uumuu fi tarkaanfii sochoosuu danda'a.
- Carraa Diinagdee: Daldaltootaa fi abbootiin qabeenyaa dhaggeeffattoota haaraa fi gabaa haaraatti akka babal'ataniif waltajjii ni dhiheessa
- Dhiibbaa Fayyaa Sammuu: Fayyaa sammuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a, kunis sababa wal dorgommii fi dhiibbaa jiruun rakkoolee akka yaaddoo, araada, dhiphina sammuu fi ofitti amanamummaa gadi aanaa fida.
- Yaaddoo Dhuunfaa: Dhimmoota waa'ee nageenya daataa fi iccitii dhuunfaa ni fida.
- Odeeffannoo sobaa Babal'isuu: Odeeffannoon dogoggoraa saffisaan akka babal'atu haala mijeessuu danda'a
- Waljijjiirraa Aadaa: Waljijjiirraa yaadaa fi gocha aadaa addunyaa irratti ni jajjabeessa.

### Gaaffilee Marii

- Kaayyoowwan intarneetii fayyadamtuuf maali?
  - *Oduu dubbisuu fi taateewwan yeroo ammaa irraatti odeeffannoo argachuuf intarneetiin fayyadama*
  - *Kaayyoo barnootaa kan akka koorsii toora intarneetii, qorannoo ykn barumsaatiif*
  - *Maatii fi hiriyoota waliin karaa imeelii, appii ergaa fi bilbila viidiyootiin wal qunnamuuf*
  - *Bashannana kanneen akka muuziqaa dhaggeeffachuu, viidiyoo ilaaluu ykn taphoota toora intarneetii irratti taphachuu dabalatee*
  - *Hojii fi dalagaawwan daldalaa kan akka hojii fageenyaa, hojii dhaabbii hin taane fi gabaadhaaf*
  - ***DABALATA:*** *Hirmaattota garee xixiqqootti qooduun tokkoon tokkoon isaaniif kaayyoo adda addaa (fkn, barnoota, daldala, bashannana) ramadi. Faayidaa fi balaa intarneetii fayyadamuun dhimma akkasii irraatti akka mari'atan taasisi.*
- Akkaawuntii miidiyaa hawaasaa dhuunfaa akkamii qabdu?
  - ***GAAFADHU:*** *Hirmaattonni waltajjiiwwan miidiyaa hawaasaa itti fayyadaman hunda akka tarreessan gaafadhu. Akka faayidaa isaaniitiin gareen ramada (fkn, neetworkiingii, oduu, bashannana, warraqsa).*

## 2. BEEKUUMSA MIIDIYAA FI ODEEFFANNOO (MIL)

***Tooftaan beekumsa hubachuu Waggoota kurnan darban muraasa keessatti jijjiirama suuta suutaa adeemsiseera.***

Kana booda beekumsi waan akka dandeettii afaan dubbisuu, barreessuu, dubbachuu fi hubachuu qofaatti hin ilaalamu. Jijjiirama kanaaf beekumsii miidiyaa fi odeeffannoos gahee murteessaa taphateera.

Beekuumsi Miidiyaa fi Odeeffannoo (MIL) hubannoo, ilaalcha, dandeettii fi gochaalee odeeffannoo fi beekumsa karaa kalaqaa, seeraa fi naamusaa mirga namoomaa kabajuun argachuuf, xiinxaluuf, madaaluuf, itti fayyadamuu, oomishuu fi dabarsuudhaaf barbaachisan walitti fida.



**HUBACHIISA:** Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo dandeettii yaada ni guddisa, namoonni dhuunfaa, bakka bu'iinsa miidiyaa fi seeneffama gaaffii keessa akka galchan, xiinxalan fi mormaan taasisa.

### 2.1 Bu'uraalee Beekuumsa Miidiyaa fi Odeeffannoo

Dhaqqabummaa jechuun adeemsa odeeffannoo fi qabiyyee miidiyaa maddootaa fi waltajjiiwwan adda addaa irraa argachuu, hubachuu fi adda baasuu jechuudha. Odeeffannoo barbaachisaa ta'e gahumsaan argachuuf teeknooloojiiwwan hedduu kanneen akka kompiitaraa, bilbila ismOgummaa fi mana kitaabaa akkamitti akka fayyadamnu hubachuu of keessaa qaba. Akkasumas qaqqabummaan gufuulee odeeffannoo argachuu irratti mul'atan kan akka hawaas-dinagdee ykn daangaa teeknooloojii beekuu kan hammatuudha.

Hiika kanaan miidiyaa argachuun teeknooloojii, meeshaalee fi intarneetii biraa kan darbuudha. Akkaataa miidiyaa itti hojjetu, akkaataa itti fayyadama bu'a qabeessa ta'e gadi fageenyaan hubachuu gaafata.

**Xiinxala:** Xiinxalli ergaawwan miidiyaa fi madda odeeffannoo ijoo qorachuun kaayyoo, ilaalcha isaanii fi loogii jiru hubachuu kan of keessatti hammate dha. Qabiyyee miidiyaa walxaxaa ta'e gara kutaalee xixxiqootti gadi buusuu, mata dureewwan bu'uraa, ergaawwanii fi tooftaalee dubbii qabiyyee itti fayyadaman adda baasuu of keessaa qaba. Xiinxallis fudhatamummaa fi amanamummaa maddoota madaaluu, dhugaa fi yaada dhuunfaa adda baasuu fi dhiibbaa wantootni aadaa, hawaasummaa fi ilaalcha qabiyyee miidiyaa irratti qaban hubachuu kan of keessatti hammate dha.

**Gaaffilee ijoo shanan qabiyyee miidiyaa xiinxaluuf gargaaran**

- Ergaa kana eenyutu qopheessee? (Barreessaa).
- Xiyyeeffannoo koo hawwachuuf tooftaalee kalaqaa akkamii fayyadaman? (Hojmaata).
- Namoonni adda addaa ergaa kana akkamitti karaa narraa adda ta'ee hubachuu danda'u? (Dhaggeeffattoota)

- Ergaa kun gatiiwwanii fi ilaalchi akkamii bakka bu'a ykn maaltu irraa hafe? (Qabiyyee)
- Ergaan kun maaliif ergamaa/maxxansama? (kaayyoo)
- **Hubachiisa:** qabxiileen kunniin tarkaanfiiwwan itti aanan waan murteessaniif murteessaadha.

**Qopheessuu/Uumuu:** Qopheessuu/Uumuun qabiyyee miidiyaa bu'a qabeessaa fi itti gaafatamummaadhaan qopheessuu fi qooduu hammata. Barreessuu, suuraa kasuu, viidiyoo gulaaluu, giraafiiksi dizaayinii fi seenessaa karaa Multii midiyaatiin darbu dabalatee gosoota oomisha miidiyaa adda addaa kan qabuudha. Qopheessuun/uumuun seera mirga waraabbii, ilaalcha naamusaa fi dhiibbaa qabiyyeen miidiyaa dhaggeeffattootaa fi hawaasa irratti fiduu danda'u hubachuus of keessatti qabata.

**Gaaffilee ijoo Qabiyyee bu'aa qabeessa ta'e uumuuf barbaachisan**

- Kun dhugaadhaa, yaada kooti moo waan biraati?
- Maddoonni odeeffannoo koo maali?
- Namoonni adda addaa ergaa kana akkamitti haala addaan hubachuu danda'u?
- Ergaa kanaan eenyutu fayyadamuu ykn miidhamuu danda'a?
- Ergaa kanaaf deebii kennuuf namoonni tarkaanfii akkamii akka fudhataniin barbaada?
- Yaadonni, gatiiwwan, odeeffannoowwan ykn ilaalchawwan akkamiitu ibsamaa?
- Wanti beekuuf barbaachisaa ta'uu danda'u maaltu hafe?

**Yaadaa kennuu:** Qabiyyee miidiyaa xiinxaluun yaada irraatti kennuun hubannoo miidiyaaf furtuudha, namoonni dhuunfaa ergaawwan ijoo madaaluu fi loogii addaan baasuu gargaara. Miidiyaan amantaa fi ilaalcha keenya boca, kanaaf yaadaa kennuun dhiibbaa isaa hubachuu fi ajandaa bu'uuraa kamiyyuu gaaffii keessa galchuuf nu gargargaara. Akkasumas qabiyyeen isaa miidhaa miiraa ykn gama biraa akka nu irraan gahe hubachuuf nu gargaara. Yaadaa kennuun dura Qabiyyee gadi fageenyaan xiinxaluun hubannoowwan barbaachisoo ta'an adda baasuuf gargaara, kunis xumura odeeffannoo irratti hundaa'e irra akka Salphaatti ga'uuf gargaara.



**Raawwii**: Namoonni dhuunfaa miidiyaa dubbisuu danda'an ergaa miidiyaa tokko of eeggannoodhaan erga xiinxalanii fi yaada kennaniin booda murtoo odeeffannoo irratti hundaa'e murteessu. Tarkaanfii Itti gaafatamummaa qabu fi ijaaraa ta'e fudhachuu filachuu danda'u. Tarkaanfiilee fudhachuun raawwii akka odeeffannoo sirrii namoota biroof qooduu, marii bu'aa qabeessa ta'e raawwachuu ykn tattaaffii abukaatummaa ergaa sanaan walqabatee jiru irratti hirmaachuu ykn dhimmoota ka'an furuuf tarkaanfii qabatamaa fudhachuu hunda kan dabalatu ta'uu danda'a.

## *Qo'annoo Dhimmaa 1:*







**Qabiyyee:** Gareen barattootaa yeroo hunda oduu miidiyaalee aadaa fi haaraa irraa dhufu fayyadamu. Chaanaalonni oduu lama taatee siyaasaa tokko irratti seeneffama wal faallessu akka gabaasan hubatu.

**Hojii:**

- Gabaasa oduu kana xiinxaluu
- Gabaasa lamaan keessatti haalaa, ajandaa fi tooftaalee fayyadaman walbira qabuu.
- Gabaasaleen karaa seeneffama isaatiin ajandaa irratti dhiibbaa akkamii geessisaan?
- Ilaalcha madaalawaa argachuuf maddoota adda addaa fayyadamuun barbaachisummaan isaa maali?
- Qabiyyee armaan olii irratti hundaa'uun gabaasa miidiyaa hawaasaa madaalawaa mataa keessanii uumaa
- Qabiyyee hubannoo miidiyaa shanan irratti yaadaa kennaa, ACCRA

# 3. HAASAA JIBBIINSAA FI DUBBII JIBBIINSAA MORMUU

## 3.1 Dubbii Jibbiinsaa fi Dubbii hamaa

***Haasaa Jibbiinsaa: Akka mootummoonni gamtooman jedhanitti, "walqunnamtii gosa kamiyyuu keessatti haasawa, barreeffama ykn amala nama tokko ykn garee tokko eenyummaa isaa irratti hundaa'uun, jechuunis amantii, gosa, sabummaa, sanyii, halluu, hidda dhalootaa, saala ykn eenyummaa biroo irratti hundaa'uun waa'ee nama tokkoo ykn garee tokko irratti jechootaa tuffii fi jibbiinsaa ykn loogii fayyadamuu ykn irraatti duuluu" jedhamee hiikama.***



**Dubbii Hamaa:** Bifa ibsaa kamiinuu (haasawa, barreeffama ykn fakkii) dhaggeeffattoonni miseensota garee biraa irratti Miidhaa raawwatamu akka fudhatan ykn hirmaachuu danda'an feedha isaanii dabaluu/kakaasuu danda'udha.

### Labsii haasaa jibbiinsaa Itiyoophiyaa

**GAAFADHU:**
Waa'ee Seera Haasaa Jibbiinsaa Itoophiyaa maal beektu?




Seerrii Itiyoophiyaa "Labsii Haasaa Jibbiinsaa fi Odeeffannoo Sobaa ittisuu fi hambisuu Lakk.1185 /2020" jedhu Haasawa jibbiinsaa jechuun "haasawa itti yaadanii nama tokko ykn garee eenyummaa adda baafamuu danda'u irratti gosa, amantii, sanyii, saalaa ykn qaama miidhamummaa irratti hundaa'ee jibba, loogii ykn haleellaa guddisu" jechuun hiika kenna.

**Seera kana jalatti haasaan jibbiinsaa kan uumamu yeroo:**

- Itti yaaduun jibba, loogii ykn Miidhaa uumuu.
- Qabxiilee akka saba, amantii, sanyii, saala ykn qaama miidhamummaa irratti hundaa'uun garee murtaa'e tokko irratti xiyyeeffachuu.

Dubbiin jibbiinsaa kan ibsamu akeekaan malee mirgaa sarbuu ykn Miidhaa uumuu isaatiin miti. Qeeqxonni jechootni akka "jibbiinsaa" fi "loogii" ifa waan hin taaneef hojiirra oolmaa wal hin simnee fi bilisummaa dubbii ukkaamsuu akka danda'u taasisa jechuun falmu. Seensa labsichaa irratti haasawa jibbiinsaa ittisuu dahoo godhachuun bilisaan yaada ofii ibsachuu daangessuu akka danda'amu qeeqamaa tureera.

### Adabbiiwwan haasaa jibbiinsaa:



1/ Any person who commits acts proscribed under Article 4 shall be punished with simple imprisonment not exceeding two years or a fine not exceeding 100,000 birr.

2/ If an attack against a person or a group has been committed as a result of a hate speech, the punishment shall be simple imprisonment not exceeding from one year up to five years.

3/ Any person who commits acts proscribed under Article 5 shall be punished with simple imprisonment not exceeding one year or a fine not exceeding 50,000 birr.

4/ If the offense of hate speech or disinformation offense has been committed through a social media account having more than 5,000 followers or through a broadcast service or print media, the person responsible for the act shall be punished with simple imprisonment not exceeding three years or a fine not exceeding 100,000 birr.

5/ If violence or public disturbance occurs due to the dissemination of disinformation, the punishment shall be rigorous imprisonment from two year up to five years.

*Hidhaa hanga waggaa 2 ykn adabbii hanga qarshii 100,000. Hokkoraaf kan nama geessu yoo ta'e hidhaa waggaa 1 hanga 5 ta'a. Haasaan jibbiinsaa ykn odeeffannoo sobaa karaa miidiyaa hawaasaa ykn miidiyaalee tamsaasuun hidhaa hanga waggaa 3 fi maallaqa hanga qarshii 100,000 adabsiisuu danda'a.*

*Fakkii labsii haasaa jibbiinsaa adabbii seera cabsuu agarsiisuu*

## 3.2 Bu'uura Haasaa Jibbiinsaa

- **Ergaa:** Qabiyyeen dubbii sanaa kallattiidhaan moo al-kallattiin nama kakaasa?
- **Dubbataa:** Bakki (sadarkaan dhiibbaa) dubbataan hawaasa keessatti qabu maali?
- **Dhaggeeffattoota:** Haasa'ichi eenyuuf dubbatame?
- **Giddugala:** Eessatti dubbatama ykn eenyuuf qoodama? Hammam dhaqqabamaa dha?
- **Qabiyyee:** Qabiyyeen hawaasummaa fi seenaa hammate maali? Haalli ergichi itti dubbatame adda baasuuf ykn Miidhaa kakaasuuf kan yaadameedhaa? Haalli haasa'ichi miidhaa geessisuu akka danda'u taasisu jiraa?

## 3.3 Agarsiistotaa fi Mallattoolee Haasaa Jibbiinsaa

**Jechoota/gaaleewwan arrabsoo:** Yeroo baay'ee haasaa jibbiinsaa keessatti ilaalcha dogoggoraa cimsuuf, gareewwan xiqqoo ta'an maqaa balleessuu fi loogii ykn Miidhaaf kan itti fayyadamanidha. Fakkeenyonni jechootaa fi gaaleewwan arrabsoo haasawa jibbiinsaa keessatti yeroo baay'ee argaman kanneen akka: Arrabsoo Sanyii, Arrabsoo Amantii, jechootaa tuffii, Arrabsoo Qaama Miidhamummaa Waliin Walqabate, Afaan Jibbiinsa biyyaallessaa ykn Sabboonummaa, Dhaadannoo Jibbiinsaa ykn jechaamoota fa'a.


**Nama Tuffachuu:** Haasaa namoota dhuunfaa ykn garee akka nama gadi ta'etti agarsiisuudhaan namummaa irraa gadi taasisun raawwatamu, yeroo baay'ee jechoota hamaa, balaafamoo ykn namaa gadi ta'uu isaanii agarsiisu fayyadamuu hammata. Garee irratti xiyyeeffannoo irraatti Haasaan maalummaa namaa balleessu, gara laafina fi ilaalcha gaarii miseensota hir'isuun Miidhaa ykn loogii raawwatamuuf akka sababatti tajaajiluu danda'a. Fakkeenyaaf naman bofa ykn Bineessaa jedhanii waamuu

**Jechoota ykn gaalee wal-xaxaa** yoo ilaallaman gaarii ykn miidhaa kan hin qabne ta'ee mul'achuu danda'u garuu eenyummaa namoota dhuunfaa ykn garee ykn amala isaanii irratti hundaa'uun hiikkaa bu'uuraa isaan irratti xiyyeeffate qabaachuu danda'a, fakkeenyaaf jechoota akka Juuntaa.



**Haasaan Miidhaa kakaasu** eenyummaa ykn amala isaanii irratti hundaa'uun gocha Miidhaa ykn miidhaa namoota dhuunfaa ykn garee irratti raawwatamu kallattiin kan jajjabeessu ykn kan fudhatu waan ta'eef akka agarsiiftuu guddaa haasaa jibbiinsaa ta'ee tajaajila. Gosti haasaa kun jibba, wal danda'uu dhabuu fi loogii boba'aa waan ta'eef Miidhaa addunyaa dhugaa ykn dhiittaa mirga namoomaaf gumaachuu waan danda'uuf balaa qaba. Yeroo baay'ee haasaan kun kallattiin waamicha Miidhaa ykn doorsisuudha. Fakkeenyaaf jechoota akka ajjeesuu, haleelu

**Xiyyeffannaa hasa'a jibbinsaa:** Chaartiin paayi armaan gadii, haasaa jibbiinsaa Garee eenyummaa xiqqaa ta'aniin sarbame gareewwan caalaatti itti xiyyeffatame. Dubartootaa fi shamarran (21%), itti ansuun saba oromoo (19.1%) fi Sabummaan Amaaras (16.7%). Xiyyeffannan jibbiinsaa biroo kan ta'an Ortodoksii Kiristaanonni (8.7%), dhiirota (%5.9) fi saba Tigrayii (%5.5). Dabalataan Gosti xiyyeffannaa chaartii paayii keessatti kan argamu hunda kan biraa irraa kan ijaarame dha gareewwan galma'an gama 5 ol'aanoottii baay'inaan babal'atan; Kunis kan of keessaa qabu Pirootestaantii, namoota adii, warra Waaqayyoon hin amanne, namoota sanyii hedduu fi Yihudoota. Haalota haasaa jibbiinsaa irratti xiyyeeffatan keessatti gosti itti xiyyeffatame biroo' filatame. Amala garaagaraa agarsiisaa ture, garuu gosoota kamiyyuu jalatti hin ramadamu.




*Maddi:* ***Qabeenya haasaa jibbiinsaa yaadachiisuuf waltajjiiwwan miidiyaa hawaasaa Itoophiyaa keessatti fayyadaman keessatti:*** *Iskimii jechootaa asoosama, Nuuhuu Ibraahim, Feeliisitii Mulford, Matt Lawrence fi Riizaa Baatiistaa-Naavarroo.*

## 3.4 Haasaa jibbiinsaa adda baasuu | Tarree sakatta'iinsaa

- [ ] Kanneen keessaa tokko (sanyii, gosa, amantii, qaama miidhamummaa, saalaa) irratti kaayyeffatee jiraa?
- [ ] Amaloota kana keessaa tokko (arrabsoo, Miidhaa kakaasuu, tarkaanfii akka fudhatamuuf waamicha dhiyeessuu ykn odeeffannoo sobaa qabaachuu) ni qabaa?
- [ ] Dhaggeeffattoonni akka arrabsan/qaanfachiisan, loogii, qoqqobbii ykn haasaa jibbiinsaa biroo akka kakaasan ni dhiiba?
- [ ] Dhaggeeffattoonni akka fincilan, akka ajjeesan, akka saaman, akka haleelan, qe'ee isaanii irraa namoota akka buqqisan ykn miidhaa qaamaa gosa kan biraa akka raawwatan ni jajjabeessaa?
- [ ] Dhaggeeffattoonni haala ibsaa haala tarkaanfii itti fudhatan gaarii ta'e kan ibsu qabaa?

### Gaaffiiwwan Marii

- Haasaan jibbiinsaa sirratti ykn namoota biroo irratti xiyyeeffate si mudatee beektaa?
  - *Hirmaattonni bakka marii kabajamaa fi nageenya qabu eeguun muuxannoo isaanii akka qooddatan jajjabeessuu.*
  - ***Fakkeenya:** "Yeroo marii siyaasaa, waa'ee hawaasa tokko tokkoo dubbii tuffachuu dhaga'eera."*
- Agarsiistonni haasaa jibbiinsaa maal fa'a?
  - *Jechoota arrabsoo ykn gaalee arrabsoo fi tuffachuu garee murtaa'e tokko irratti xiyyeeffatan fayyadamuu.*
  - *Saba, amantii, saala ykn sababoota eenyummaa biroo irratti Miidhaa ykn qoodinsaaf waamicha dhiyeessuu.*
  - ***DABALATA:** Saamuda haasaa adda addaa (wabiiwwan siyaasaa qabatama adduunyaa irraa jiruun ala) dhiheessuun hirmaattonni haasaa jibbiinsaa ta'uu isaanii akka murteessan gaafachuu.*



- Haasaa tokko maaltu balaafamaa ykn haasaa jibbiinsaa godha?
  - *Haasaan jibbiinsaa hundi Miidhaa akka hin geessisne ibsuu fi haasaan balaafamaan garuu miidhaa sana akka dabalu ibsuu.*
  - ***GAAFADHUU:** Daqiiqaa 5 fudhachuun waa'ee walitti bu'iinsa seenaa ykn dhiheenya kana Itoophiyaa keessatti uumamee yaadaa. Haalawwan Haasaan balaa geessisu fi Miidhaaf gumaacha godhe adda baasuu ni dandeessuu?*
- Haasaa hamoo adda baasuuf gaaffiiwwan ijoo gaafatamuu qaban maali?
  - *Eenyuutu ergaa dabarsaa jira, namoota irrattis dhiibbaa ni geessisu?"*
  - *Haalli seenaa fi hawaasummaa maali? Waldhabdeen ykn walitti bu'iinsi jiru jiraa?*
  - *Dhaggeeffattoonni haasaa kana akkamitti hiikuu danda'u? Miidhaa jajjabeessuu danda'aa?*
- Haasaa jibbaa/ balaafamaa ofirraa ittisuuf malli gaariin maali?
  - ***DABALATA:** Yeroo haasaan jibbiinsaa toora intarneetii irratti uumamu ta'anii taphachuu. Hirmaattonni tooftaalee faallaa dubbiitiin deebii kennuu akka shaakalan taasisuu.*
- Hawaasa keessan keessatti haasawa jibbiinsaa ittiin ittisuu malli biraa isin beektaan jiraa?

## 3.5 Haasaa jibbiinsaa/ balaafamaa ofirraa ittisuu

### Seeneffama Faallaa fi Filannoo

Seeneffamni faallaa ergaawwan jibbiinsaa kallattiin deebii kennuu fi mormuu falmii faallaa taasisuun dhugaa jiru fi falmii faallaa fayyadamuun ergaalee haasaa jibbiinsaa hambisuu fi gatii dhabsiisuudha. Faallaa kanaatiin seeneffamni filannoo yaada gaarii fi hunda hammate guddisuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u yaadota nama ijaaran kan hawaasa haasaa jibbiinsaa babal'isan dabalatee ilaalcha haaraa hubannoo keessa galchuuf kan jajjabeessuudha. Tarsimoowwan lamaanuu seenaa gaarii beeksisuu fi seeneffama miidhaa qaban jibbiinsaa xiqqeessuuf kan kaayyeffataniidha.

**Seenaawwan filannoo afran baay'inaan beekaman kanneen armaan gadiiti:**

**Seenaa Filannoo Dhugaa:** Seenaan filannoo kun haasaa jibbiinsaa ittisuuf odeeffannoo sirrii ragaa irratti hundaa'ee dhiheessa. Daataa, istaatistiksii fi maddoota amanamoo ta'an fayyadamuun komii sobaa kan hammbisuu fi dhaggeeffattoota kan barsiisudha.
**Fakkeenya:** Himata yakkaa kan sobaa ta'e irratti xiyyeffachuun ragaa yakka isa sirrii ta'e kennuudha fashaleessuuf.

**Seenaa Filannoo Safuu:** Seenaan kun duudhaalee safuu fi naamusaa kan hammatu yoo ta'u duudhaalee dhalli namaa waliin qabuu fi gara laafina cimsa. Innis Miidhaa haasaan jibbiinsaa namoota dhuunfaa fi hawaasa irratti qabu ni ibsa.
**Fakkeenya:** Haasawa jibbiinsaa amantii irratti xiyyeeffate hambisuuf duudhaalee hawaasaa hordofuu, gara laafina labsuu fi tajaajila hawaasaa cimsuu.


**Qoosaa fi Qeeqa:** Haasaa jibbiinsaa qeequuf ykn qoosuuf qoosaa fi jechoota garmalee ol kaasuun sirritti dhimiicha ibsanitti fayyadamuu, kuniis akka qoosaa ta'etti akka mul'atu taasisa. Dhaggeeffattoota qoosaadhaan kan bobbaasu yoo ta'u abshaalummaa haasawa jibbiinsaa irratti akka xiinxalan kan jajjabeessudha.
**Fakkeenya:** Viidiyoo qoosaa dubbiin jibbiinsaa loojikii kan hin qabne ta'uu isaatti qoosu.

**Seenaa Filannoo Gaarii:** Seenaan kun seenaa fi fakkeenyota gaarii haasawa jibbiinsaa mormanii fi ilaalcha hunda hammate guddisan ni jajjabeessa. Seenaa milkaa'inaa fi gumaacha gaarii kun gareewwan xiyyeeffannoo argatan kakaasuu fi olkaasuu hammata.
**Fakkeenya:** Bu'aa ba'ii namoota dhuunfaa qaama miidhamtoota ta'an calaqqisiisuudhaan ilaalcha gadhee qaama miidhamummaa irratti mul'atu ittisuuf hojjechuu.

Tarkaanfiiwwan kanneen fayyadamuun namoonni dhuunfaa fi hawaasni bu'a qabeessa karaa ta'een mormuu fi dhiibbaa haasaa jibbiinsaa hir'isuu akka danda'u taasisa, kunis haasaa hawaasaa hunda hammatee fi jallatamaa ta'e guddisuu danda'a.



## *Qo'annoo Dhimmaa 2:*




**Qabiyyee:** Itoophiyaatti miidiyaan hawaasaa beekamaa ta'e tokko maxxansa gareen xiqqaan tokko dhukkuba sammuu qabaachuu fi lafa saba biraa fudhachuuf yaaluu isaa ragaa sobaa haasaa jibbiinsaa toora intarneetii irratti maxxansee. Kunis toora intarneetii fi toora intarneetiin ala babal'atee miidhaan akka umamu taasise. Qabiyyeen kun fuula miidiyaa hawaasaa kan hawaasa keessatti dhiibbaa umuun beekamaa ta'e Feesbuukii irratti maxxanfameera.

**Hojii**

- Maaxxansa keessaa Haasaa jibbiinsaa fi agarsiistota jiran adda baasaa
- Gosa Haasaa Jibbiinsaa fayyadamame adda baasaa
- Haasaan kun akkamitti balaafamaa ta'uu akka danda'uu fi gara Miidhaatti geessuu akka danda'u irratti mari'adhaa.
- Seeneffama faallaa/filannoo qopheessaa uumaa

# 4. ODEEFFANNOO DONGORAAA FI DHUGAA ADDA BAASUU

## 4.1 Odeeffannoo sobaa

***Odeeffannoo dogongoraa/information disorder/ jechuun yaa'insa odeeffannoo fayyaalessa hin taane jechuudha. Jechii kun wantoota baay'ee bakka kan bu'u yoo ta'u irraa caalaa kanneen armaan gadiitiin walqabata:***

**Odeeffannoo sobaa/Disinformation** jechuun odeeffannoo sobaa ykn dogoggorsaa gowwoomsuuf ykn miidhaa geessisuudhaaf tamsa'udha. Shira raawwachuuf qabiyyee sagaleedhaan fi viidiyoodhaan qophaa'e ykn itti yaaduu fudhatame ykn oduu babal'atee miidhaa geessisuu ykn wal amantaa dhabuu fiduu danda'uudha.
**Fakkeenyaaf** namni tokko faayidaa dhuunfaa ykn siyaasaa argachuuf jecha odeeffannoo sobaa itti yaadee yeroo qoodu ykn odeeffannoo sobaa osoo beekuu namoota biroo miidhuuf qoodu jechuudha.

**Odeeffannoo sobaa itti hin yaadamne/Misinformation:** Namoota gowwoomsuuf ykn too'achuuf osoo hin yaadin odeeffannoo sobaa waliif qooduudha.
**Fakkeenyaaf** oduu ykn odeeffannoo sobaa qoodame soba ta'uun amanamuu fi itti hin yaadamne akkasumas itti yaaduun dogoggora raawwatamu, kan akka ibsa suuraa sirrii hin taane, guyyoota, istaatiksii fi hiikkaa ykn qoosaa gara hammeeyyatti darbu akka Odeeffannoo sobaa itti hin yaadamneetti ramaduu dandeenya.

**Odeeffannoon shiraa/malinformation:** Odeeffannoo dhuunfaa itti yaadanii faayidaa uummataaf osoo hin taane faayidaa dhuunfaa, dhaabbataa ykn siyaasaa argachuuf maxxansuudha.
**Fakkeenyaaf** viidiyoo saalqunnamtii haaloo bahuuf hojjetamu, iimeelii ykn sanadoota filannoodhaan bahanii fi odeeffannoo dhuunfaa yaada hamaadhaan gadhiisuu ni dabalata. Yeroo baay'ee odeeffannoon dogoggoraa odeeffannoo dhugaa ta'e haala dogoggoraa ta'een (decontextualising) seeneffama dogoggoraa ykn miidhaa geessisu uumuu kan of keessaa qabudha. Namoonni hawaasa keessatti beekamtii akka argatan kan taasisu ta'us odeeffannoon hamaan nama kamiyyuu, keessumaa namoota dhimmoota falmisiisaa ta'an ykn duula doorsisaa irratti xiyyeeffate irratti hirmaatan irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

**HUBACHIISA:** Wantoota salphisuuf baay'een isaanii jecha "odeeffannoo sobaa" jedhu gosoota sadan armaan olii hunda agarsiisuuf fayyadamu.



## 4.2 Bifa odeeffannoo sobaa

Odeeffannoon sobaa bifa adda addaa hedduu qabaachuu danda'a. Kanneen beekamoo ta'an:





**Qoosaa ykn Gaa'isa**
Yaada Miidhaa geessisuu of keessaa hin qabu, garuu dandeettii namoota gowwoomsuu qaba. Odeeffannoo sobaa kun salphaatti irra deebi'amee qoodamuu ykn jallifamuu ni danda'a, haala isaa jalqabaa kofalchiisaa ta'een ala hojjeta.

*Suuraan iskiriinii meeshaa niwukilaraa Itoophiyaa keessatti argamu agarsiisa jedhee sobaan himatu agarsiisa. Dhugaa jiru yoo ilaalle, fakkiin adeemsa ga'umsa dhugaatii. araqee kan Alkoolii Itoophiyaa naannoo sanaa agarsiisa. Haala to'annoo Raashiyaan warshaa anniisaa niwukilaraa guddaa Yukireen, irratti qabduun qooddatamu. Muldhisnii, kun mata duree marii miidiyaa hawaasaa irratti ta'e. (Barruu dhugaa ilaaluu ilaali Odeeffannoo dabalataaf psacheck hordofi.)*




**Walqunnamsiisa Sobaa**
Mata dureewwan, mul'atawwan ykn barreeffamoonni qabiyyee sana kan hin deeggarre yoo ta'e kan uumamuudha. Jalqaba irratti sobaa akka mata duree, xinnoo maquu, aarsuu qofa danda'a jennee yaaduu dandeenya, ta'us ilaalcha bal'aa keessatti, gochi kun amantaa miidiyaa irratti qabu xiqqeessuu fi yaadaa waan tokkof kennamu guddisuu danda'a.

*Suuraan iskiriinii bu'aawwan. qormaata barattoota ba'uu ilaaluuf liinkii kennuu jedhu agarsiisa. Maxxansi kun cheek bit yoo ta'u, fayyadamtoota qabiyyee dogoggoraatiin cuqaasuutti fi himannaa garmalee guddaa ta'e gowwomsuuf kan qophaa'edha. Linkin gara bu'aa qormaata ba'uutti hin geessu garuu inumaa qajeelcha gara chaanaalii telegiraamii odeeffannoo barbaachisaa hin qabnetti geessaa malee. (Barreeffama dhugaa-checking jedhu ilaali Odeeffannoo dabalataaf psacheck ilaalii)*









**Qabiyyee Dogoggoraa**

Dhimma tokko ykn nama dhuunfaa tokko haala adda ta'een fudhachuun Odeeffannoo sobaan fayyadamuudha. Innis suuraawwan filanii muruu ykn falmii tokko deeggaruuf caqasoota ykn istaatiksii filachuudha.

*Suuraan iskiriinii gabaasa oduu agarsiisa Dhaabbata.Walta Miidiyaa fi Qunnamtii. Dubartoonni suuraawwan irratti mul'atan. Kantiibaa magaalaa Finfinnee Addee Adaneech Abebeei, kanneen biroo keessaa. Pirezidaantii Sahlework Zewdie, fi Ministeeraa dubartootaa fi dhimma hawaasummaa Ergoogee. Tesfaye (bitaa gara mirgaatti), akka Mata dureen oduu Waltaa jedhu agarsiisutti. "Haaromsa dubartootaa fi caalmaa. Giddugaleessi bulchiinsa magaalattiitiin ijaarame hojii jalqabuuf jedha."*

*Haa ta'u malee, barreeffamoonni suuraa keessa jiran Seenaa adda ta'e hima. Fakkii iskiriinii jalqabaa (Suuraan bitaa). Nama odeeffannoo Barreeffama "Waaltaan maal jetti?" jedhu agarsiisa akka ergaan barreeffamichaa walqunnamtii saalaa Hojjetoota dubartootaa muldhisa. Suuraan lammaffaan ammoo. Miidiyaan Waltaa ofii isaatiin, akkas jedhee maxxanseera, "Giddugala Jireenya dubartootaa jijjiiruuf kan qophaa'e. Hojjettoonni saalqunnamtii hojii jalqabuuf jedha." Barreeffamni jalqabaa nama dogoggorsa sababiin isaas maxxansi jalqabaa dogogoraan akka hubatamuu ta'ee jira.*








**Qabiyyee Fakkeessuu**

Maaddoo dhugaa fakkeessuun odeeffannoo tamsaaniidha. Odeeffannoon sobaa kun amantaa dhaabbata murtaa'e, nama, maqaa daldalaa ykn qaama biraa irratti qabdu fayyadamuun odeeffannoo taamsaasu.








Haala Sobaa

Yaadni sobaa kan uumamu qabiyyeen dhugaa odeeffannoo haala dubbii dogoggoraa ykn sirrii hin taane waliin yeroo qoodamudha. Fakkeenyi asitti argamu suuraa akka haaraatti walsimsiisuuf irra deebi'amee qoodame dha. Qabiyyeen itti fayyadamnu dhugaa waan ta'eef, bifa dogoongora odeeffannoo humna guddaa qabuudha, kanaaf soba jennee fudhachuuf ni rakkanna. Haa ta'u malee qabxii tokko deeggaruuf haala baay'ee hamaa ta'een hojii irraa oleera.

*Maxxansi jalqabaa (suuran armaan olii irratti kaa'amee. Kan bara 2023tti kaafameedha. Innis Kun kan agrsiisuu (meeshaa waraanaa) innis irratti bakka waldaa Shashemene keessatti argamudha. Haa ta'u malee, fakkiin kun kan ibsu waan kaayyefameen ala, Maxxansii lammaffaan (suurri gara harka mirga) akka tamsaasa Korporeeshinii Itoophiyaatiin yeroo sanatti gabaasetti bara 2021 irraa eegalee meeshaa waraanaa qabatamaan Mana nama dhuunfaa naannoo Sidaamaa, keessatti argame kan agarsiisu akka ta'e mirkanessa.*



**Qabiyyee Jijjiiruu**

Odeeffannoon ykn fakkiiwwan dhugaa ta'an fudhachuun qabiyyee isaanii jijjiiruu, yeroo baay'ee suuraawwanii fi viidiyoowwan dhugaa ta'anii akka mul'atan gochuuf jijjiiruu ni hammata. Ta'us garuu ammas hiikni dhugaa qabiyyee waliigalaa isa duraa irraa adda.

*Suuraan jalqabaa (bitaa) dooniin Itoophiyaan qabamte jedha. haa ta'u malee, kan .Alaabaan fakkessituu fi suuraa jalqabaa (mirgaa irratti) dabalameera, kunis dura Alaabaa kamiyyuu hin qabu ture .*





**Qabiyyee Uumuu/Qopheessuu**

Gosti qabiyyee kun %100 sobaa fi qabiyyee haaraa, gowwoomsuu fi miidhaa geessisuudhaaf kan qophaa'e dha. Qabiyyeen guutummaatti soba yeroo ta'u daangaan isaa yaada uumtota qabiyyee qofadha. Qabiyyee dhugaa fi kan sobaan uumamae adda baasuun ija irra keessoo qofa ilaaluuf rakkisaadha. Yoo "soba gadi fagoo" kan yeroo baay'ee "qabiyyee qophaa'e/fabricated content" jedhamuun ramadamuu danda'an kamiyyuu ilaaltan ija qullaan/ gargaarsa biroo osoo hin fayyadamiin/qofaan Qabiyyee dhugaa fi tolfame addan baasuun garmalee rakkisaadha. Ergaawwan ilaalluuf amantaa qabnu irratti hangam dhiibbaa akka fiduu ni beektu.

*Suuraan AI irraa hojjetame tokko Doonaald Tiraamp poolisoota irraa baqachuu fi sana booda hidhamuu agarsiisa. Haa ta'u malee suuraaleen kun sammuu namtolcheetiin kan hojjetaman yoo ta'u. Taateewwan jireenya dhugaa keessatti tasumaa hin taane.*

## 4.3 Mala Dhugaa Adda Baasuu

**Dhugaa adda baasuun** galtee ogeessaa fi daataa alaa fayyadamuun odeeffannoo dhugaa mirkaneessuu, sirrii ta'uu adda baasuu fi amanamummaa isaa madaaluudha. Odeeffannoo sobaa fi dhugaa jiru adda baasuun hawaasanni murtoo sirrii ta'e akka kennu gargaara.

Dhugaa ta'uun yaadaa adda bahuu kan danda'u odeeffannoo ragaa fi mirkaneessan mirkanaa'uu danda'uunidha. Yaadni dhugaa hin taanne yaada namoota dhuunfaa, waadaa fi tilmaama kan hammatudha.



**Sadarkaalee Dhugaa adda baasuu**

- Yaada/komii adda baasuu: Gaaffii 'WH' (eenyu, maal, yoom, eessa, maaliif, akkamitti fi kkf) fayyadamuu.
- Jechootaa fi yaad-rimeewwan hiikuu.
- Daataa barbaaduu: ragaa fi mirkaneessa adda baasuuf.
- Ogeessotaatti dhiyaachuu: haalicha ibsuuf akka si gargaaran.
- Daataa mirkaneessuu: daataa haaraa fi amanamaa.
- Yaadaa/komii mirkaneessuu: maddoota biroo barbaaduu.

Fakkeenyi akkaataa namoonni dhuunfaa odeeffannoo waldhabdee wajjin walqabatu dhugaa ta'uu isaanii adda baasuuf itti fayyadaman keessaa muraasnii isaan armaan gadiiti: Mee fakeenyaaf Maxxansa/barreeffama miidiyaa hawaasaa irratti walitti bu'iinsa Miidhaa dhiheenya kana naannoo tokko keessatti saba murtaa'e tokko irratti uumameef itti gaafatamummaa qaba jettu argite haa jennu. Akkaataa dhugaa ta'uu isaa ittin addaan baastu keessaa muraasnii kanneen armaan gaditi:

- **Madda Ilaaluu:** Dhaabbata oduu maqaa gaarii qabu, ragaa ijaan arge amanamaa ykn ibsa seera qabeessa dhaabbata amanamaa irraa kennamee dhaa?
- **Maddoota Hedduun Mirkaneessuu:** Odeeffannoo gabaasa miidiyaalee oduu amanamoo biroo, dhaabbilee idil-addunyaa ykn taajjabdoota walaba ta'an irraa argame waliin walbira qabuun ilaaluu. Maddoota hedduu irraa ragaa argamu wajjin walsimsiisuun amanamummaa dhimmichaa ni dabala.
- **Qabiyyee fi Seenaa Barbaadu:** Qabiyyee seenaa waldhabdee fi sababoota bu'uuraa hubachuuf mata duree/ maxxansaalee biroo amma dura maxxansaman barbaaduun dubbisuu.
- **Ragaa Mul'ataa Qorachuu:** Fakkiiwwan ykn viidiyoonni dhimmicha wajjin walqabataan yoo jiraatan meeshaalee adda baastuu fayyadamuun dhugaa ta'uu isaanii mirkaneessuu. Mul'atni dogoggoraa ykn suuraan durii seeneffama sana addaa akka baasnuuf nu gargaara.
- **Xiinxala Ogeessaa Barbaaduu:** Ogeessota naannicha beekan ykn qaama dhimmi ilaallatu kamiyyuu kan akka poolisii mariisisuu. Hubannoon isaanii ilaalcha sirrii ta'e kennuu danda'a.

- **Loogii fi Ajandaa Ilaaluu:** Sirrummaa fi amanamummaa mirkaneessuuf loogii maddaa ykn barreessaa irraa dhufuu danda'u madaaluu. Odeeffannoo haala qabatamaa ta'een dhiyeessa moo ajandaa ykn loogummaa irratti dhiibbaa qaba?
- **Ragaan ammaa jiraachuu isaa ilaaluu:** Haalli waldhabdee saffisaan guddata. Odeeffannoon haaraan hubannoo jalqabaa taateewwanii jijjiiruu danda'u mul'achuu isaa ilaaluuf odeeffannoo haaraa ykn gabaasa hordoffii barbaaduun barbaachisaadha.

Sadarkaalee kana hojiirra oolchuudhaan namoonni dhuunfaa odeeffannoo waldhabdee waliin walqabatee jiru addaa baasuu, madaaluu, Odeeffannoo sobaa ykn qabiyyee nama kakaasu babal'isuu irraa of qusachuu akkasumas dhimmoota miira namaa kakaasan fi walxaxaa ta'an irratti hawaasni odeeffannoo akka qabaatuuf gumaachuu ni danda'u.

## 4.4 Tarree odeeffannoo sobaa addaan baasuu

- [ ] Madda isaa adda baasuu
- [ ] Qabiyyee isaa guutuu ilaaluu
- [ ] Barreessaa adda baasuu
- [ ] Fakkii sana ilaaluu
- [ ] Mata duree kana irratti gabaasawwan biroo ilaaluu
- [ ] Loogummaa kee ilaaluu

**Of-eeggannoo duraa:** Namoonni jalqaba irratti odeeffannoo sobaa irratti akkamitti akka hin kufne qorachun dursanii odeeffannoo sobaa hawaasa qaqqabuu danada'u irraa eegudha.

Qorattoonni akka jedhanitti dhugaa jiru sakatta'uun mallattoo dhukkuba tokkoo wal'aanuu fi of-eeggannoo duraa talaallii wajjin wal dogomsiisuudha!




### Meeshaalee dhugaa adda baasuuf gargaaran

Meeshaaleen qorannoo kaffaltiin malee tajaajila kennan hedduun sirrii ta'uu qabiyyee mirkaneessuuf kan nama gargaaran jiru. Meeshaaleen bu'uuraa dhugaa adda baasuu fi qorachuuf gargaaran keessaa muraasni:

**Meeshaalee suuraa Mirkaneessan**

- Barbaacha Googil leensii suuraa garagalee
- Tineye
- Bing
- Yandex
- Invid





**Meeshaalee teessuma lafaa adda baasuuf gargaaran**

- Googiil maappii (Google Maps).
- Googil Erzii (Google Earth)
- Fakkii addunyaa Waybaakii (world image Wayback)

**Meeshaalee adda baastuu Hubannoo Namtolchee (AI)**

- www.fakeimagedetector.com
- www.deepware.ai

*Qo'annoo dhimmaa 3:*




**Qabiyyee:** Maxxansaa Feesbuukii irratti qoodame kan Buufata Doonii Barbaraa Itiyoophiyaa ibsu

**Task:**


- Yaada/maxxaansa kana tarkaanfiiwwan dhugaa addaan baasuuf gargagaaran fayyadamuun qoradhu
- Qabiyyee xiinxaluu, maddoota amanamoo ta'an fayyadamuun odeeffannoo mirkaneessuu
- Gabaasa bal'aa (dhugaa qulqulleessuu) miidiyaa hawaasaaf barreessuun yaada kana fudhatamaa dhabsisuu

# 03

# Ogummaa Nagaa Ijaaruu



# Atkivistummaa haala qabataama itoophiyaa keessatti



## Kaayyoo Boqonnaa

***Boqonnaan kun haala Itoophiyaa irratti xiyyeeffachuun gumaacha aartiin nagaa ijaaruuf taasisuu danda'u kan qoratudha. Gaaffiiwwan akka: Akkamitti aartii ykn #artivizimii fayyadamuun tokkummaa, jijjiirama hawaasummaa fi waldhabdee booda nagaa fiduu guddisuu dandeenya? Artistoonni Itiyoophiyaa fi namoonni guyyaa guyyaa kalaqa isaanii fayyadamuun akkamitti haasawa murteessaa nagaa waaraa fi haqa qabeessa ta'eef akka karaa saaqan qoranna.***

## Qabiyyee

56 Kaayyoo Boqonnaa
57 Seensaa fi Hiika
63 Ogummaa Tokkummaa fi Heddumina Kabajuuf
68 Aartiin akka Si'eessituu Jijjiirama Hawaasummaatti
74 CTA: Kana haa Hojjannu!







## 1. SEENSAA FI HIIKA

***Itoophiyaan Hambaan aartii waggoota kumaatama dura turaniin kan badhaate yoo ta'u hambaaleen kunniin guddina hawaasummaa sabaa waliin ibsa aadaa fi seenaa adda addaatiin walitti hidhamiinsa guddaa kan qabaniidha.***

Ibsitoonni kunniin bashannana qofa osoo hin taanee haala sirnaa bulchiinsaa, injifannoo mootonni galmeessan, akka Waaqayyoon filamanitti ibsuu, haalawaanii fi Waaqayyoo illee qeeqquu. Dabalataanis ibswwan aartii kunneen naannolee Itoophiyaa adda addaa gidduutti miira eenyummaa biyyoolessaa uumuu fi daran guddisuuf gargaaraniiru.

Biyyattiin aadaa gara garaan kan badhaatee yoo ta'u sabaa fi sablammoota 80 ol kan hammate dha, tokkoon tokkoon isaanii duudhaa, afaanii fi ibsa Ogummaa adda ta'e qabu. Garaa garummaan miidhaginaa ta'us yeroo tokko tokko waldhabdee sabaa, waldhabdee qabeenya irratti hundaa'ee fi falmii siyaasaa dabalatee akka uumamuuf dhibbaan akka jiraatu taasisee jira.

Itoophiyaa keessatti haalli muuziqaa jijjiiramaa kan dhufe yoo ta'u muuziqaa irraa kaasee hanga bifa aartii nagaa fi tokkummaa leellisaniitti guddateera. Aartiin yeroo dheeraaf hawaasa Itoophiyaa keessatti akka meeshaa seenaa himuu, aadaa kunuunsuu fi yaada hawaasummaa ibsuutti gahee olaanaa taphateera. Bifa aartii aadaa fi ammayyaa, walaloo fi muuziqaa afaaniin dubbatamu irraa kaasee hanga tiyaatira filmii fi miidiyaa dijitaalaa dabalatee meeshaalee ciccimoo marii, araaraa fi nagaa ijaaruuf olaan ta'aniiru.

Boqonnaan qajeelfama dirree hojii kun tooftaalee hambaa aartii Itoophiyaa fayyadamuun walitti bu'iinsa salphisuu fi waldanda'uu hawaasummaa guddisuuf gargaaran teechiisuuf kan akeekedha. Qajeelfamni #Artivizimii kun tokkummaa, jijjiirama hawaasummaa fi araara waldhabdee booda ni jajjabeessa.

***Aartiin sirratti akka dubbatu hin godhin – dubbii #Artivizimii Hubachuu***

- **Aartii:** Aartiin hojiiwwan miidhaginaa qaban, miira kakaasan ykn seenaa himaman, aartii mul'atu, aartii agarsiisaa fi ogbarruu dabalatee miidiyaalee adda addaa irratti dandeettii fi yaada uumaa namaa ibsuu ykn hojiirra oolchuudha.
- **Aktiivizimiin** jijjiirama hawaasummaa ykn siyaasaa galmaan ga'uuf tarkaanfii fudhachuu fi duula ciminaan gaggeessuuf ni garagaraara.
- **#Artivizimii:** Ogummaa akka meeshaa ykn waltajjii sochii hawaasummaa ykn siyaasaatti fayyadamuudha.
- **Ogummaa mormii:** Ogummaa dhimma hawaasummaa ykn siyaasaa murtaa'e tokkotti quubsaa ta'uu dhabuu ibsuuf qophaa'uudha.
- **Ogummaa deebisanii dhaabuu:** namoota dhuunfaa fi hawaasni miidhaa qaamaa, miiraa fi xiinsammuu irraa akka fayyan gargaaruuf bifa Ogummaa fayyadamuudha.

## Gaaffilee Marii

- Hiika kennameen alaa akka dhuunfaatti artivizimii akkamitti hiikuu dandeessa?
  - *Artivizimii jechuun ibsa kalaqaa kan akka muuziqaa, fakkii, walaloo ykn shubbisa fayyadamuun miidhaa hawaasummaa furuu fi mormuuf ykn jijjiirama kakaasuu danda'a jedhamee hiikamuu danda'a.*
- Jireenya kee keessatti fakkeenyi artivizimii si mudatee jiraa? Akkas yoo ta'e dhiibbaa akkamii sirratti geessiseera?
  - *Itiyoophiyaa keessatti Bara Dargii keessa Sirboota mormii bahan ykn barreeffamoota yeroo ammaa magaalaa finfinnee keessatti tokkuummaa leellisan.*
  - *Fakkeenyota addunyaa kan akka aartii daandii baankiyaas ykn agarsiisa artistoota akka Feela Kutii, kan muuziqaan isaa malaammaltummaa siyaasaa irraatti xiyyeffatu*



- Artivizimiin mormii aadaa ykn aktiivismii irraa akkamitti adda?
  - *Aktiivismii aadaa yeroo baay'ee mala kallattiin kan akka mormii, iyyannoo ykn duula siyaasaa fa'a hammata. Gama biraatiin artivizimiin ergaawwan miiraa kakaasanii fi mul'ataan sagaleen dabarsuudhaaf kalaqaa fi dandeetti fayyadamuudha.*
  - ***DABALATA:*** *Waa'ee sirba ykn fakkii tokko yaadi. Dageeffachuu, ibsaa isa dubbisuu ykn agarsiisa irratti hirmaachuu irraa caalaa miiraa addaa akkamii si keessatti uumuu danda'a?*

Aartiin dhala namaa keessatti miira hedduu kakaasuuf dandeettii qaba. Muuziqaa irraa kaasee hanga fakkiiwwanii fi agarsiisa tiyaatiraatti hundii isaanii ilaalcha nama dhuunfaa bira darbee miiraa onnee wajjin kallattiin walitti dhufeenya qabu uumuu danda'a.

Aartiin humna nagaa buusuu fi nagaa hojechuu keessaatti qabu qaamoleen mormaan muraasa. Artistoonni hedduun Itoophiyaa keessatti bifa aartii kana fayyadamuun hawaasa tokkummaa ijaaruu keessatti nagaan akka riqichaatti barbaachisuu isaa ibsaniiru. Artiistii beekamaan weelluu Nagaa (ሰላም) jedhu weellise artiistii Mohaammud Ahimad weelluu isaa yeroodhaan hin daangeffamne keessatti barbaachisummaan nagaa sagalee isaa kilolee ta'een kan ibse yoo ta'u kunis dhaloota hundatti nama hundaaf kan dubbatudha. Dabalataan artiisti Ijjigaayyoo shibaabbaawu weelluu hanga yoomii (እስከ መቼ) jedhuu fi fakkeenya biroo kaasuun ni danda'ama, kunis hawaasaa gara laafessaa, tokkummaa fi jaalalaa qabuu uumuu keessaatti gahee qaba.

## 2. OGUMMAA FI QABIYYEE SEENAA

**Hambaaleen aartii Itoophiyaa seenaa biyyattii keessatti bakka guddaa qabu. Siyaasaa fi amantii ibsuuf, akka mala aangootti akkasumas akka foddaa lubbuu saba tokkootti faayidaa irra oolaa tureera.** Hambaan aartii Itoophiyaa, waggoota kumaatama dura guddina hawaasummaa wajjin walitti dhufeenya guddaa qaba. Ibsi kalaqaa kun faaya qofa osoo hin taane meeshaa seenaa, angoo fi amantaa ibsuuf humna guddaa qabudha.

## 2.1 Amantii fi Aartii Itoophiyaa keessatti

Mootummaan Aksuum (Dh.K.D jaarraa 4ffaa – Dh.K.B jaarraa 8ffaa) bu'uura kaa'ee ture. Sidaawwan dhedheeroo mallattoo ta'anii fi bifa walxaxaa ta'een bocaman awwaalcha mootota fi kabaja moo'iinsaa agarsiisan hojjetamaniiru. Isaaniis akka galmee aartii fi seenaa ta'anii tajaajilu.

**DABALATAAN BARACHUU:** Siidaan dhagaa qajeelaa ykn utubaa yeroo baay'ee barreeffama yaadannoo gara garaa ykn dizaayinii gara garaa kan qabu yoo ta'u yeroo baay'ee akka iddoo awwaalaatti tajaajila.

Amantaan Kiristaanummaa fi Islaamummaan gara Itoophiyaatti kan dhufaan Dh.K.B jaarraa 4ffaa fi 7ffaa yoo ta'u seenaa aartii biyyattii keessatti boqonnaa haaraa guddaan akka uumamu taasisan, barreeffamoonni harkaa halluu adda addaa qaban, suraawwan ammantaa ibsaan kaafamuu eegalan. Iddoowwan seenaa fi amantii kanneen akka Siidaa Aksuum, Waldaa Kiristaanaa Laallibalaa dhagaa irraa bocame, gamoo Jogol Hararritti argamu, Masaraa Abbaa Jifaar fi kanneen biroo hedduun kalaqa ijaarsaa fi waaqeffannaa hafuuraa agarsiisu. Caasaaleen kunniin akka iddoo waaqeffanna fi raga aartii amantaa hawaasa Itoophiyaa boceetti tajaajilu.



*Waldaa Kiristaanaa Laallibalaa Dhagaa irraa bocame*






*Daallaa/Gamoo jogol Harar*

## 2.2 Manneen Murtii Mootii fi Guddina Ogummaa

Mootileen Itiyoophiyaa walitti aansuun ka'uun isaanii Ogummaa daran akka babal'atu taasisee jira. Manneen murtii mootota gudd gala si'ataa deeggarsaa ta'anii turan. Muuziqaa fi ogbarruunis baay'ee dagaage, meeshaaleen akka kiraaraa miiraa dhaggeeffatootaa booji'aan, nammooni walaloo barreessaan, iddo tokko irraa gara iddoo tokko gara iddoo biraa deemanii sirbaan/azmaarii ta'aan/ akka jiraataniif sababa ta'e. Aartiin kun bashannana olaanaaf qofa hin turre. Seera qabeessummaa bulchitootaaf kan ibsan yoo ta'u injifannoo isaanii galmeessuun akka Waaqayyo isaan filateetti godhanii leellisuu, yeroo tokko tokko immoo sagalee hawaasaa wal faallessu karaa aartiin akka qoosaatti ibsaniiru. Dabalataanis ibsitoota aartii kanneen lammiilee Itoophiyaa hunda biratti miira eenyummaa guddisuuf itti fayyadamaa turaniiru.

## 2.3 Aartii fi Miidhaa Hawaasummaa

Aartiin yeroowwan miidhaa hawaasaattis akka ragaatti tajaajileera. Yeroo Miidhaa, yeroo Itiyoophiyaan weeraramtee fi balaan uumamaa mudatetti aartiin qormaata bara sanaa ibsaa ture. Fakkiiwwan amantii caalatti fudhatama kan qaban yoo ta'u amantii, lolaa fi ija jabinaa ummanni rakkina keessatti qabu kan agarsiisaniidha. Walaloon beekamaan mata duree "Cunqursaa Peexiroos /Sekokawe Petros" jedhu kan Looreet Tsaggaaayee Gabramadihin barreesse haala dhukkubbii Itoophiyaan yeroo qabsoo kolonneeffanna xaaliyaanii irratti taasiftu mudachaa turte kan agarsiisudha.

Jaarraa 20ffaan bara haaraa fide. Artistoonni Itoophiyaa kan akka Gabra kiristoos Dastaa moodeela aartii Awurooppaa faayyadamuun wantoota aadaa fi ammayyaa walitti makuun yaalii gochuu jalqaban. Yeroon kun aartii mormii kan dhalche yoo ta'u kalaqtoonni aartii fayyadamuun sirna siyaasaa fi miidhaa hawaasummaa qeeqaniiru.

Imaammanni aartii Itoophiyaa har'as lubbuun jira. Namoonni ammallee hojiilee aadaa kanneen akka hodhuu fi suphe dhahuu irratti kan bobba'an yoo ta'u aartistoonniis yeroo ammaa eenyummaa, addunyaallessuummaa fi seenaa walxaxaa biyyattii qorachuu itti fufaniiru.

### Gaaffilee Marii

- Hambaalee aartii Itiyoophiyaa kunuunsuuf Har'a rakkoolee gurguddoo mudatan keessaa muraasni maal fa'a?
    - *Magaalummaa fi ammayyummaan yeroo baayyee iddoowwan seenaa fi meeshaaleen durii tuffachuu ykn barbadeessu fida.*
    - *Aadaa kunuunsuuf maallaqni kennamu waan hin jirreef ykn murtaa'aa waan ta'eef manneen amantaa, barreeffamoota harkaa fi meeshaalee durii Itiyoophiyaa dhagaadhaan bocaman kunuunsuun rakkisaadha*
    - *Namoota naannootiin meeshaalee aadaatif gatii kennuu dhabuu.*

- Jireenya kee guyyaa guyyaa keessatti aartiin seenaa Itiyoophiyaa si mudatee jiraa? Akkas taanaan maal irraa baratte?
    - *Fakkiiwwan amantii mana amantaa ykn mana keessa kaa'amanii fi fannifaman kan akka suuraa qulqulloota ykn seenaa macaafa qulqulluun walqabatan*
    - *Hojiiwwan aadaa kan akka hojii hodhaa, suphee fi huccuu dhahuu guyyaa guyyaan namonnii fayyadaman.*

- Mee agarsiisa hambaalee ogummaa Itiyoophiyaa qophessuuf yaadi. Gosoota ogummaa akkamii irratti xiyyeeffatta akkasumas maaliif?



## 3. OGUMMAA TOKKUMMAA FI HEDDUMINA KABAJUUF

***Hawaasni tokkummaa qabu ibsa Ogummaa adda addaatiin ni dagaaga. Ogummaan meeshaa cimaa aadaa, gosaa fi seenaa adda addaa hirmaachisuuf gargaaru yoo ta'u dandeetti kalaqaa isaanii akka gummachan namummaa fi hubannoo waliin qaban akka ibsaniif kan gargaaruudha.***

Tokkummaan gama artiin jiru kun keessumaa Itoophiyaa keessatti kan mul'atu yoo ta'u hambaan Ogummaa inni tokko dimogiraafii biyyattii adda addaa fi aadaa hedduu kan calaqqisiisudha.

Itoophiyaa keessatti Ogummaan aadaa fi ammayyaa miidiyaalee adda addaa irratti waliin mul'atu. Uffanni fakkii walxaxaa qabu, uffata jireenya guyyaa guyyaa fi sirna aadaa keessatti uffatamuu fi manneen Kiristaanaa dhagaa irraa bocamanii seenaa Macaafa Qulqulluu irraa guutaman ibsa Ogummaa ammayyaa kan akka Ogummaa Fakkii Daandii irraa, suuraa fi Ogummaa agarsiisaa keessaatti kan hammatamaniidha.

Kunneen fakkeenyota Ogummaa adda addaa Itoophiyaan itti gammaddu keessaa muraasa.

Hawaas-siyaasaa Itoophiyaa keessatti daandin sarara falmii tokko Federaalizimiin sabaa fi Sablamootaf deebii kenneera kan jedhu, kan akka mirga of ofiin bulchuu, Aadaa fi siyaasaa. Bakka bu'ummaa, fi giddugaleessa dhabuu aangoo akka karaa dimokiraatawaa ta'ettni. Kaan immoo Federaalizimii sabaa fi sablammii wantoota biroo keessaa, hammaatee jira jedhu. Waldhabdee waliinii eenyummaa irratti hundaa'e biyyattii keessatti garaagarummaa garmalee cimsee jira.



***Ogummaan qoqqoodinsa mo'atee riqicha ijaara – kunis kan ta'u.***

- **Namummaa waloo:** Ogummaan afaan miiraa fi seenaa addunyaa maraa dubbata, qoqqoodinsa hunda keessatti gara laafina fi walitti dhufeenya guddisa.
- **Sadarkaa bu'uuraa:** Ogummaan duudhaalee fi seenaa waliinii calaqqisiisuudhaan miira of ta'uu uumuun tokkummaa hawaasaa cimsa.
- **Marii kakaasuu:** Ogummaan dhiibbaa uumuu danda'u waa'ee dhimmoota hawaasummaa irratti haasawa hubachisaa, qoqqoodinsa hambisuu fi tokkummaa egereef caalaatti karaa mijatu saaqa.
- **Heddumina kabajuu:** Ogummaan akka meeshaa socho'atti tajaajila, bareedina aadaa adda addaa agarsiisuu fi hammatamuu guddisa
- **Ijaarsa hawaasaa:** Pirojektoonni Ogummaa miira waliinii guddisu, gufuulee hawaasa diiguun kaayyoo hawaasa cimaa uumuu ijaaruf gargaaru.

Duudhaaleen ijoo kunneen hojiiwwan Ogummaa nagaa ijaaruu fi tokkummaa guddisuuf meeshaa cimaa ta'uu danda'an adda baasuuf akka agarsiisutuu kallattiitti tajaajilu.

## 3.1 Bifa Ogummaa

**Fakkilee duree irraatti maxxansaman:** Ogummaan hawaasaa, qunnamtii kan babal'isuu fi waliitti dhufeenyaa haawaasaa karaa wantoota waloo ta'anii fi seenaan kan cimsuudha.



***Tokkummaan ni ifa:***
*Faakkii Itiyoophiyaa Finfinnee Marfata Saarbetii irraa jiru fi Ogummaa Daandilee Finfinnee fi EU wajjin Tokkuummaa Afrikaaf kaafame*

*Suuraa: Yisaaq Miidhaksaa*





***Gaarii Haa Facaasnu:***
*Faakkii Itiyoophiyaa Finfinnee Marfata Saarbetii irraa jiru fi Ogummaa Daandilee Finfinnee fi Waldaa Gargaarsa Noorweey, Itiyoophiyaa'tin kaafame*



### Marga Lallisaa Qabachuun Fakeenya Nagaati

*Jaarsoleen Gaamoo miidhaa daldaltoota oromoo irraa gahuuf jiru erga hambisanii booda akka biyyaatti goota ta'aniiru. Suuraa fi suur-sagaleen isaanii kan nagaa buusuun wanta raawwataan agarsiisu baay'ee beekame, margaa lallisaa fi amma cirame qabachuun garee miidhaa geessisuuf ture fuldura jilbiifatan, dargaggoonnii gara duubaattii akka deebi'anii fi miidhaan gahuuf ture akka hafu taasisanii jiru.*

***Jaarsolee Gaamoo:*** *Fakkii magaalaa finfinnee keessatti Imbaasii Biraaziil wajjiin ta'uun Ogummaa Fakkii Daandii irraa Finfinee'tin kaafame*

*Piroojektii asiidaamiii.*

*Suuraa: Aartii Daandii Finfinnee*

### ARTISTIN EENYU?

Aartiin Daandii Finfinnee Fakkilee gurguddaa tokkummaa, jaalala fi nagaa guutuu magaalaa finfinnee keessatti qopheessuun beekama. Fakkiileen hundi magaalaa Finfinnee keessatti bakka hawaasnii waliitti qabamuutti kan qophaa'anii fi nagaa gara fuulduraa Biyyattii hawaasnii akka ilaaluf kan qophaa'aniidh.

**Ogummaa Huccuu:** Uffanni aadaa namoota hambbaa aadaa waliin kan walqunnamsiisu yoo ta'u waliitti dhufeenyi akka jiraatu taasisuun hawaasa ijaara.

### ARTISTIN EENYU?

**Artiistota Shiroo Meedaa:** Shiroo Meedaan uffaata aadaa irraatti kan hojjetu yoo ta'u iddoo gabaa qofaa miti – agarsiisa eenyummaa saboota adda addaa Itoophiyaati. Daawwattoonni biyya keessaa fi biyya alaa uffataa fi meeshaalee adda addaa keessa kan naanna'an yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii duudhaa badhaadhaa hawaasa hedduutiif ragaadha. Hojiileen kun ogeeyyii harkaa ogummaa barataniin kan hojjetaman yoo ta'u baay'ee mimmiidhagoodha. Adeemsi kun aadaa isaanii kunuunsuu bira darbee artiistota aadaa adda addaa biratti kabajaa fi hubannoo ni guddisa. Fakkiiwwanii fi mallattoowwan walxaxaa uffata oomishame faayuun namoonni hojii isaaniif hiika guddaa akka kennanii fi dinqisiifataniif ija bana. Muuxannoon kun imaltoonni hambaalee baay'ee Itoophiyaa keessa akka ilaalan taasisa.

**Muuziqaa fi Shubbisa:** Duudhaan muuziqaa fi agarsiisni shubbisaa tokkummaa kan guddisu yoo ta'u jibbaa fi qoqqoodinsa caalaa miira waloo guddisa. Bifa shubbisaa aadaa ykn hambaalee walitti dhufeenyan daddarbaan kanneen akka hambaa agarsiisaa shubbisa aadaa, adda addummaa kabaju fi hubannoo guddisuu fa'a. Ogummaan kun bashannaa qofaaf osoo hin taane meeshaa cimaa seenaa himuu, amantii ibsuu fi aangoo cimsuuf gargaaruudha.

### ARTISTIN EENYU?

**Malaakuu Balaay** Daayreektarri hundeessaa Giddugala Aadaa Fandiqaa, shubbisaa qofaa miti; ambaasaaddara muuziqaa fi shubbisa Itoophiyaati. Akkaataan shubbisaa/Eskistaa socho'uu yoo ta'u ogummaa isaa ajaa'ibaa kanaan maqaa biroo akka "deemsa kirkira lafaa" fi "Mootii shubbisaa/ Eskista" jedhu argateera. Fedhiin shubbisaa Malaakuu kan jalqabe daandii Itoophiyaa irratti bara 1980'mootaa keessa yoo ta'u muuziqaa fi shubbiisni jireenya guyyaa guyyaa isaa keessatti wanta murteessaa ture.



Ayyaanota amantii akka Cuuphaa irraa kaasee hanga sirna nannootti aadaa Shubbisa gara garaa, afoolaa shubbisa naannoo adda addaa sirriitti danda'eera. Malaakuun of kennuu isaa itti fufuun Itoophiyaa keessa naanna'ee duudhaa gareewwan gosoota 80 hunda baratee, hambaan aadaa isaanii bifa shubbisaan darbee akka jiraatu mirkaneesse.

**Afoolaa fi Oduu Durii:** Dhaloota irraa dhalootatti kan daddarbu yoo ta'u tokkummaa humna guddaa qabu uuma. Yeroo baay'ee wantootaa hamoo fi rakkina uumuu danda'an caalaa Seenaan waloo fi wantoota gaarii ta'an kan hammatu yoo ta'u garaagarummaa saba giddutti uumamu ni fura.

### ARTISTIN EENYU?

**Alaqaa Gabra Haannaa:** jaarraa 19ffaa keessa Hayyuun aartii Itoophiyaa Alaqaa Gabara Haanna jedhamu walaloo afaan Amaaraa fi barnootaa amantaatin beekamaa turan. Walaloo aadaa "qinee" jedhamuun hunda caalmaa dandeetti aartii kan qaban yoo ta'u sirnaa kabaja ayyana Waldaa Kiristaanaa Itoophiyaatiif Faarfannaa bifa haaraa illee beeksiseera.

### GAAFFIIWWAN MARII

- Keewwata armaan olii irraa bifa faallaa ta'een fakkeenyota aartii jibbiinsa kakaasuu fi waldhabdee itti fayyadaman eeruu dandeessaa?
  - *Olola siyaasaa bara sirna Dargiitti Itiyoophiyaa keessa ture kan yeroo baayyee mootummaaf ulfina kan kennu fi namoota mormitootaa arrabsaa kan tureedha.*
  - *Qoosaan miidiyaa hawaasaa fi Ogummaan dijitaalaa yeroo tokko tokko seeneffama qoqqoodinsa ykn Odeeffannoo sobaa babal'isuu danda'u.*
- Hawaasa aadaa adda addaa qaban gidduutti hubannoo fooyya'aa uumuu fi qoqqoodiinsa hambisuuf Ogummaan akkamitti akka riqichatti fayyaduu danda'a?
  - *Muuziqaa fi shubbisaa akka Malaakuu Balaay Qindeessaa tureetti qindeessuun miidhagina hambaalee aadaa Itoophiyaa adda addaa agarsiisuu.*

- *GAAFADHUU: Daqiiqaa 10 fudhachuun carraa Ogummaa akka meeshaa hawaasa walitti fiduu fi hubannoo dogoggoraa olchuu danda'uu naannoo keessaan jiru yaaduun ibsaa.*

- Gara fuulduraatti Hawaasa hunda hammatee fi nagaa qabu uumuuf yeroo yaaddu gosoota Ogummaa haaraa maal maaltu sammuu keettitti dhufa?
  - *Muuxannoon Ogummaa dijitaalaa fi varchuwaalii miira namaaf yaadu fi hubannoo guddisu uumuu danda'a.*
  - *Ogummaan sirrii yeroo baay'ee dhaloota dargaggoota biratti kan dhaga'amu fi waltajjii tokkummaa fi hawaasaa akka maddaa haqaatti tajaajiluu kan danda'uudha.*
  - *Wal-qunnamtii Ogummaa ykn iddoowwan Ogummaa hawaasaa uumuun namoonni hundaa hammachuu fi nagaa irraatti akka mari'ataan taasisa.*

# 4. AARTIIN AKKA SI'EESSITUU JIJJIIRAMA HAWAASUMMAATTI

Aartiin bashannanaa fi bareedina qofaaf osoo hin taane meeshaa cimaa jijjiirama hawaasummaa fiduu danda'uudha. Artivizimiin jechoota "aartii" fi "aktiviiziim" jedhan irraa kan uumamee yoo ta'u artistoonni Ogummaa isaanii kaayyoo tokkoof akka fayyadaman taasisa. Fakkiiwwanii fi bocawwan dinqisiisoo ta'anis ta'e muuziqaa fi shubbisa aadaa kan hammatu ta'ee aartistoonni namoota dubbachuu hin dandeenyeef seenaa isaanii akka himaaniif gargaara. Qabiyyeen isaaniis dhimmoota hawaasummaa murteessoo ta'an irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta'u haasawa kakaasuun addunyaa fooyya'aa ta'eef socho'uu fi hojjechuuf hunda keenya keessatti kakka'uumsaa olaanaa kan uuman ykn qaanqee ibiddaa kan facaasaniidha.

Haa ta'u malee aartiin ololaaf ykn hawaasa adda addaa gidduutti soba qindeessuu fi miidhaa kakaasuuf karaa faallaan faayidaa irraa akka danda'us yaada keessa galchuu qabna.

## Aktiiviziimiif Meeshaa Humna Qabu – Kun Akkamitti

Hubannoo uumuu: Artistoonni mala hojii isaaniitti fayyadamuun yaada haaraa kakaasuu fi dhugaa jiru saaxiluu danda'u, dhimmoota murteessoo ta'an irratti ilaalcha namootaa jijjiiruu fi deebii miira kakaasu kennuun jijjiiruu danda'u. Sochii hawaasaa fi siyaasaa Itiyoophiyaa tibbanaa keessatti artistoonni hedduun ogummaa isaaniitti fayyadamuun hawaasa jijjiirama nagaatiif sochoosaa turaniiru. Haa ta'u malee haalawwan tokko tokko keessatti aartiin haasawa jibbiinsaa babal'isuu fi sabaa fi sablammoota gidduutti qoqqoodinsa uumuuf karaa sirrii hin taaneen faayidaa irra oolaa tureera.

**Tarkaanfii kakaasuu:** Artiin haasawa ummataa babal'isuu fi namoota jijjiirama fidan kakaasuu danda'a.

**Bakka nageenya qabu:** Artivizimiin waltajjii mormii fi qeeqa kan dhiyeessu yoo ta'u irra caalaa bakka bilisummaan dubbii itti hin daangeeffameneedha.

## Hojiiwwan Aartii

**Waraana dhaabuu:** Fiilmiin Haaraan Badhaasa Emmy Mo'ate Namaa Waraana Itiyoophiyaa Irratti gaaga'ama namootaa ifa taasisa. Waggoota lama qofa keessatti namoota miliyoona 8 ol ta'an irratti dhibbaan gahee jira, fiilmiin kun keessummattuu yeroo hundaa sababa waraanan daa'imaan miidhaaf saaxilamaan kan agarsiisuudha. Ragaa cimaa miidhaa Waraanichaan dhufee ibsuu fi nagaan hatattamaa akka barbaachisu himuudha.

**Maammoo Isa Gowwicha (ማሞ ቂሎ/ Mamo kilo):** qophii animeeshinii Itiyoophiyaa sagantaa yootuubii irratti darbu yoo ta'u qoosaa fayyadamuun dhimmoota hawaasummaa jireenya dhugaa wajjin walqabatan irratti kan xiyyeeffatedha. Itoophiyaa keessatti wal'aansoo fi qormaata jireenya guyyaa guyyaatiin namoota muudatuuf sagalee ta'eera.

Seenaa himuu irratti qoosaa dabaluudhaan, mata dureewwan miira namaa kakaasan fi malaammaltummaa, hiyyummaa fi walqixxummaa hawaasummaa irraatti xiyyeeffatan kan dhiyyeessan yoo ta'u kunis bashannansiisaa fi hawwataa akka ta'u taasisa. Qophii kana yuutiyuubii irraa ilaaluun kan danda'amu yoo ta'u, dhaqqabummaa fi hirmaannaa guddaa argateera. Daawwattoonni yaada kennuu kan danda'an ta'uun dhimmoota kutaalee keessatti ka'an irratti haasawaa fi waliigaltee dhabuu akka ka'u taasiseera.

**DABALATA BARACHUU:** Qoosaan mala gurra guddisaa ykn gurraa muraa fayyadamuun gowwummaa ykn hammeenya namootaa saaxiluu fi qeequuf, keessumaa siyaasa yeroo ammaa fi dhimmoota yeroo biroo keessatti ni fayyada.

**Miidhamtoota Beela:** Mootiin Hayilasillaasee 1ffaan osoo hin kufiin dura barattoonni aartii sirnichatti akka hin quufne ibsaa turan, hojiiwwan agarsiifaman keessaa tokko "Miidhamtoota Beela" kan Isheetuu Xurunaatiin qophaa'ee fi rakkina ummanni keessa jiru cimsee kan ibsudha.

Sirni sooshaalistii dargii erga aangoo qabateen booda aartiin meeshaa olola/porogaandaa cimaa ta'e. Artistoonni mala Sooviyeet Sooshaalistii Riiyaalizimiitin akkaataa dhimmoota walxaxaa salphisuun mootummaaf ulfina kennan leenji'aniiru. Yaadni qeeqaa hin turre, irraa caalaa ergaa mootummaan dabarsuutu ture.



*Isheetu Xurunaa, 'Miidhamtootaa Beelaa' 1974 A.L.A. Muuziyeemiii biyyoolleessaa Itiyoophiyaa Finfinnee*



*Geetaachawu Yooseef, 'Warraaqsa biyya harmee ykn du'a', 1979/1980. Muuziyeemiii biyyoolleessaa Itiyoophiyaa Finfinnee, Kate Cowcher irraa kan fudhatame*

## Gaaffilee Marii

- Artivizimii dhiibbaa jijjiirama hawaasummaa irratti qabu guddisuuf bal'inaan dhaggeeffattoota/daawwattoota bira akka gahu gochuuf maaltu godhamuu danda'a?
  - *GAAFADHU: Hirmaattonni hawaasa isaanii keessatti gufuulee dhaqqabamummaa irratti mul'atan kan akka hanqina intarneetii ykn maallaqaa fi furmaata isaanii irratti akka yaada kennan gaafadhu*
  - *Manneen barnootaa fi yunivarsiitiiwwan waliin ta'uun Artivizimiin sirna barnoota keessatti akka hammatamuu taasisuu, pilaatfoormiin bal'inaan hojii irraa oolaan kan akka miidiyaa hawaasaa irratti aktivizimii beeksisuu akkasumas agarsiisa fi workishooppii hawaasa irratti hundaa'e afaanota naannootiin qopheessuu.*
- Jijjiiramni hawaasummaa Artiviziimii irraa maddu itti fufiinsa akka qabaatu taasifamnee jiraa? Yoo eeyyee ta'e kana mirkaneessuu tooftaalee akkamii fayyadamuu dandeenyaa?
  - *Pirojektoota Aktivizimii dhalootaa egeree galmeessu fi kuusuu, galmee sochii hawaasummaa, jalqabbii Ogummaa fi duula barnootaa waliin wal-qabatu hubannoo waaraa uumuuf galmeessuu.*



- Ilaalcha naamusaa artiistonni hojii isaanii jijjiirama hawaasummaaf yeroo hojiirra oolchan fayyadamuu qaban kamiyyuu yaaduu dandeessu?
  - *Kabajaa fi iccitii namoota dhuunfaa ykn hawaasa Ogummaa keessatti fakkeenyummaa qabanii eeguu, dhimmoota miira namaa kakaasan faayidaa dhuunfaa ykn beekamtii qofaaf fayyadamuu irraa fagaachuu, dhimma hawaasummaa fakkeessuun miira namaa kakaasu irraa of qusachuu, miira aadaa irratti xiyyeeffachuu fi ilaalcha dogoggoraa irraa fagaachuu.*
- Jijjiirama hawaasummaa fiduu keessatti dhaggeeffattoonni ykn daawwattoonnii bu'a Artivizimiin dhufuuf itti gaafatamummaa qabuu?
  - ***GAAFADHU:** Daqiiqaa 5 fudhachuun muuxannoo qabdan xiinxalaa:*
  - *Hojii Ogummaa tokko erga hubatteen booda tarkaanfii fudhachuuf kaka'umsa argattee beektaa?*
  - *Daawwattoonni/dhaggeeffattoonni artistootaa fi kaayyoo isaanii haala bu'a qabeessa ta'een deeggaruuf maal gochuu danda'u?*

# 5. WALDHABDEE BOODA NAGAA BUUSUUF GAHEE OGUMMAAN QABU

***Waldhabdee booda madaan qaamaa fi miiraa jiraachuu danda'a. Wal'aansi Ogummaa yaalaa haaraa dubbii afaanii kenna, kunis namoota waraanaan ykn Miidhaan miidhamaniif miidhaa fi muuxannoo isaanii naannoo nageenya qabuuf kalaqaan ibsachuuf gargaara.***

Namoonni miidhaman miira isaanii waldhaanuu fi eenyummaa haaraa ijaaruuf kan gargaaru yoo ta'u sochiiwwan akka fakkii kaasuu ykn hojii harkaa hojjechuu irratti bobba'uudhaan karaa Ogummaa jajjabina ykn furmaata akka argataan taasisuu danda'a.

## 5.1 Ogummaan godaannisa fayyisa – iniis akka armaan gadiitti

- **Waan hin mul'anne ibsa:** Ogummaan namoota dhuunfaa miidhaan qaamaa irra ga'e bifa dubbiin ala ta'een ibsuuf haala nageenya qabu uuma.
- **Dandeetti damdamachuu uuma:** Ogummaan dhiphinaa fi yaaddoo

namoota karaa fayya qabeessaa ta'een kan dhabamsiisu yoo ta'u namoonni miira gaarii akka qabaatan taasisa.

- **Ofitti amanamummaa ijaara:** Adeemsi Ogummaa miira galma ga'iinsaa guddisuu fi ofitti amanamummaa kan ijaarudha.
- **Madaa fayyisa akkasumas araaraa uuma:** Pirojektoonni Ogummaa hawaasa giddutti walitti dhufeenya, gara laafina fi wal hubachuu guddisu.
- **Hawaasa deebisee ijaara:** Ogummaan tumsaa miira kaayyoo waliinii fi abdii egeree guddisa.

## Tarkaanfii haa fudhannu Tarkaanfii haa fudhannu

- **Humna oduu duriitti fayyadamuu:** Itiyoophiyaan duudhaa oduu durii bifa Ogummaa qabu bal'aa qabdi. Namoonni dhuunfaa waldhabdee keessa darban irratti waan isaan mudate fakkii, bocaa fi fakkii duree irraatti kaafaamuun gargaaramuun kan ibsan yoo ta'u muuxannoo sana akka qabatanii fi dhimmicha akka ibsaniif gargaara.
- **Wal'aansa Muuziqaa fi shubbisaa:** Shubbisaa fi muuziqaan aadaa Itoophiyaa keessatti waan murteessaadha. Wal'aansi muuziqaan taasifamu miira jiru ibsuuf haala mijataa kan uumu yoo ta'u shubbiisni aadaa ammoo wal'aansa qaamaa fi miiraatiif gargaara.
- **Miidhaa akka hin dhaqqabneef gorsa ogeessaa barbaaduu:** Waldhabdee booda adeemsa madaa jiru furuu keessatti yeroo Ogummaa fayyadamnu baay'ee miira keessaa nama galchuu waan danda'uu fi yeroo tokko tokko miidhamtoota irraan miidhaa gahuu waan danda'uuf gargaarsa ogeessaa ykn leenjii addaa barbaadu danda'a.
- **Wal'aansa baandii/gamtaa Ogummaa socho'aa:** Gamtaan Ogummaa/baandii meeshalee aartii qabatanii gara gandoota fagootti imaluu danda'anii fi tajaajila wal'aansa Ogummaa kallattiin namoota gargaarsa barbaadaniif kennan hundeessuu. Itoophiyaan akkumma iddoowwan garagaraa waldhabdee boodaa wal'aansa Ogummaa taasisuun faayidaa guddaa argachuuf carraa qabdi.



**YAADADHAA:**

**Miira Aadaa:** Sagantaalee wal'aansa Ogummaa yeroo hojii dizaayinii fi haala raawwii aadaaf dursa kennuu. Duudhaa fi amantaa naannoo kabajuu akkasumas gosootni Ogummaa hawaasa biratti beekkamaa ta'uu mirkaneessuu.

**Itti fufiinsa:** Sagantaa yeroo dheeraa abbummaa naannootiin qophaa'u irratti xiyyeeffachuu. Artistoota naannoo leenjisuu fi hawaasa meeshaalee fi qabeenya hidhachiisuun wal'aansa Ogummaa fi miiraa gaariitiif akka itti fayyadaman taasisuu.

## GAAFFILEE MARII

- Waantonnii miira namaa irraatti dhiibbaa qaban gama Ogummaa ykn kalaqaa birootiin raawwataaman yeroo itti si muudataan ni yaadattaa?
  - ***GAAFADHU:*** *Daqiiqaa 5 fudhachuun waa'ee waggaa sanaa ibsi. Yeroon kamtu rakkisaa ture, akkamitti adeemsifte?*
- Waldhabdeen boodaa gahee wal'aansa ogummaa yoo fudhatte rakkinaa fi bu'aa akkamiitu si muudachuu danda'a?
  - ***Rakkoo:*** *Rakkoo afaanii fi aadaatin jalqaba irratti walitti dhufeenya uumuun rakkisaa ta'uu danda'a.*
  - ***Rakkoo:*** *Qabeenyi naannoo waldhabdee booda jiru murtaa'aa ta'uun isaa qormaata loojistikii fiduu danda'a.*
  - ***Rakkoo:*** *Namoota dhuunfaa miidhaan qaamaa irra ga'e wajjin hojjechuun miira kan miidhu yoo ta'u obsaa fi dandeetti waa damdamachuu kan barbaadu ta'uu danda'a*
  - ***Bu'aa:*** *Namoota dhuunfaa fi hawaasni akka fayyan gargaaruun muuxannoo gammachuu ajaa'ibaa ta'uu danda'a.*
  - ***Bu'aa:*** *Wal'aansi ogummaa hirmaattoota waliin walitti dhufeenya gadi fagoo fi wal amantaa uumuu danda'a.*
  - ***Bu'aa:*** *Nageenya miiraa nama tokkoo keessatti guddina qabatamaa karaa ogummaatiin arguun muuxannoo cimaadha.*
- Wanti nama gaddisiisu tokko kan si mudatee ture osos ta'ee qaama wal'aansa ogummaa ta'uuf hayyamamoo ni taata?
  - ***MARI'ADHAA:*** *Hirmaattonni muuxannoon sun maal akka fakkaatu yaadu?*

## KANA HAA HOJJANNU!

### NAGAA FI HAFUURAA KALAQAATIIF FEDHII QABDU?

Mee fedhii sana gara hojiitti haa jijjiirru! Hawaasa keessan keessatti ijaarsa nagaa guddisuuf sochii #ArtForPeace keessatti wantonni raawwatamu qaban kanneen armaan gadiiti.

**Tarkaaffii 1ffaa:** Dhimma Ijoo ibsuu - Rakkoon inni jalqabaa furuun barbaachisu maali? Eenyuun kakaasuuf barbaadda? Mata duree nagaa akkamii qoraatta? Kaayyoon duula keetii maali? Sana booda qabeenya kee jiru (kan akka baajata, yeroo fi dandeettii) irratti hundaa'uun filannoo kee teechisi.
**Yaadachiisa:** miira aadaa, amantii ykn siyaasaa fi rakkolee hojii Ogummaa wajjin walqabatan madaaluu qabda.

**Tarkaaffi 2ffaa:** Kalaqaa ta'uu: Kalaqni Rakkoleen toora intarneetii/olline, pirojektoonni ogummaa naannoo, Agarsiisni aartii ykn kalaqni irra deebiin hojjechuu hin tane hundi ni jajjabeeffamu! Karoorsuu fi gurmeessuu jechuun yeroo murteessuu, bakka fi meeshaalee barbaaduu, tola ooltota galmeessuu fi karaa miidiyaa hawaasaa, miidiyaa biyya keessaa fi barruulee beeksisaa baasuu jechuudha.

**Tarkaanfii 3ffaa:** Hojii keetiif waltajjii/pilaatfoormii uumuu: Marsariitii, sarara miidiyaa hawaasaa ykn agarsiisa Ogummaa qaamaan taasifamuuf bakka fudhatama qabu qopheessuu. Namoonni biroos akka gammadanii fi miira kaka'umsaa akka qabaatan taasisuu! Ogummaa fi seenaa nagaa qooduuf akka hojiitti makaman gaafachuu. Haasaa Ogummaa, workishoappii fi marii haasawa guddaa kakaasu karoorsuu. Nama hirmaate hunda jajjabeessun sagalee namoota adda addaa fayyadamuu.

**Tarkaanfii 4ffaa:** Itti aansuudhaan jijjiirama dhugaa hiika qabu fiduu: Suuraa, viidiyoo fi seenaa dhuunfaa kaasuu, waraabuu ykn qabachuu. Milkaa'ina keessanii fi dhiibbaa hawaasa naannoo keessanii irratti qabdan qooduu. Waa'ee dhimmoota walitti fufiinsa qabanii yaaduu, garee uumuu ykn wantoota itti fufusiisuu barachuu



**Tarkaanfii 5ffaa:** Namoota biroo haa kakaasnu: kalaqnii akkamitti nagaa fiduu akka danda'u agarsiisuuf adeemsa #ArtForPeace'tiif wantoota itti faayyadamtan agarsiisaa.

### GAAFFIIWWAN MARII

- Fakkeenyi ati kalaqa kee fayyadamtee nagaa guddisuuf yaadde jiraa?
- Hawaasa keessan ilaalcha keessa galchuun hojiiwwan nagaa ijaaran irraa eenyutu bu'aa guddaa argata? gareen hawaasaa ykn umurii addaa ati irratti xiyyeeffattu jiraa?
- Yeroo fi baajata qabdan ilaalcha keessa galchuun pirojektii Ogummaa kam qindeessuutu baay'ee bu'a qabeessaa ta'a?

# Yaadannoo Qindeessaa

## Qabiyyee

76 | Leenjii Qindeessuu
76 | Sagantaa Kee Karoorfachuu
80 | Bu'uuraalee Leenjii
81 | Walgahiif Qindeessuu
84 | Yaada kennuu

## 1. LEENJII QINDEESSUU

Workishooppii milkaa'inaan dhiyeessuun qophii gahaa fi barumsaa fi guddina namootaa deeggaruuf kutannoo qabaachuu irratti hundaa'a.

Qajeelfamni kun tooftaalee, gorsaa fi gochaalee nama gargaaran of keessatti qabata.

## 2. SAGANTAA KEE KAROORFACHUU

**Qabxiilee Xiyyeeffannoo Filachuu**

Akka leenjisaa/qindessaatti gaaffilee armaan gadiitiin yaadi:

- **Xiyyeeffannaan** leenjichaa **inni jalqabaa** maal akka ta'u murteessuu.
  - ***Wanti hirmaattonni akka baratan barbaaddu tokko maali? Xiyyeeffannaan kee adda ta'uu qaba.*** *Kaayyoo leenjichaa hima tokkoon bifa ifaa fi salphaa ta'een ibsuu yoo dandeesse galma kee qulqulleeffatteetta. Yeroo leenjii kennitu qabxii galma ta'e irraa tuquu yoo barbaade himicha ibsuu akka dandeessuu hima kana barreessi.*

- **Galma** barreeffame erga qabaattee booda gaaffilee kana hubannoo keessa galchi:
  - *Leenjichi galma ga'uu isaa mirkaneessuuf maal gochuu dandeessa?*
  - *Rakkoo maaltu uumamuu akka danda'u tilmaamtee dursitee furuuf yaaluu ni dandeessaa?*
  - *Mata dureewwan walqabatan akkamii irratti dubbachuuf qophaa'uu qabda?*
  - *Wantoonni qabiyyee sagantaatiin ala akka hin baane gochuuf dursitee seera akkamii kaa'uu qabda?*



**Yaadachiisa Erguu**

- Leenjii kanaan dura guyyaa shan dura ajandaa odeeffannoo barbaachisaa hunda of keessatti hammate hirmaattotaaf erguu:
  - *Kallattiiwwan gara bakka leenjichi itti kennamu*
  - *Yeroo sirrii leenjichi itti jalqabu fi sa'aatii meeqatti leenjichi akka xumuramu*
  - *Leenjii kana irratti mata duree fi qabxiileen akkaamii akka hammataman*

- Ulaagaaleen addaa kan akka hubannoo bu'uuraa Afaan Ingiliffaa ykn sadarkaa murtaa'e kompiitaraa fayyadamuu Hirmaattotaaf himuu.
- Guyyaa Workishoppiin guyyaa lama dura waa'ee leenjii kanaa hirmaattotaaf yaadachiisa biroo erguu.

**Qabiyyee Qopheessuu**

Leenjichi akka milkaa'uuf qabiyyee barsiiftu beekuu qabda. **Waan beeknu qofa barsiisuu dandeenya.**

Barsiisuuf qophaa'aa ta'uuf gorsa kana hordofi:

- Akkuma armaan olitti ibsame galma jalqabaa walga'ichaa irra deebi'ii ilaali. Sana booda xiyyeeffannoo kana fayyadamuun karoora barnoota leenjii sanaaf ta'u qopheessi. Maaltu akka uwwifamuu fi yeroon leenjii yoom akka ta'e adda baasuun ibsi.
- Meeshaalee hunda dubbistee akka gaariitti hubachuu kee mirkaneessi.
- Hirmaattonni gaaffii akkamii qabaachuu akka danda'an yaadiitii gaaffiiwwan kana akkamitti akka deebistu yaadi.
- Qabiyyeedhan hirmaattonni burjaaja'uu akka danda'an ilaalcha keessa galchuun karaa ittiin ibsuu dandeessu sadii qopheessi.
- Barsiisa kee fedhii fi dandeettii isaanii wajjin wal simsiisuuf sadarkaa beekumsaa fi dandeettii hirmaattotaa adda baafadhu.
- Qabiyyee viidiyoo ykn sagalee kamiyyuu fi akkaataa itti taphachiiftu kan beektu ta'uu kee mirkaneeffadhu.
- Leenjii dura mata duree fi yaada hiriyootaa fi maatii keetiif ibsuu shaakaluun yeroo baay'ee waan tokko ibsuu irratti yoo hojjettu akka salphaa siif ta'uuf si gargaara. Kanaafuu leenjii dura namoota kaan irratti shaakali kanaanis guyyaa leenjii sanatti caalaatti qophii akka taate sitti dhaga'ama akkasumas odeeffannoo gatii guddaa qabu hiriyoota kee fi miseensota maatii keetiif babal'isteetta.

**Meeshaalee Barbaachisan**

- Saganticha yommuu karoorsitu qabeenyi ykn meeshaaleen si barbaachisan maali? Yeroo leenjii itti fayyadamuu meeshalee barbaaddu kan akka Qajeelfama Dirree hojii ykn meeshaalee biroo qopheeffadhu,
- Hirmaattonni meeshaalee akkamii barbaadu? Waraqaa? Qalama? Wanti maxxanfame jiraa?

**Loojistikii Sagantichaa**

- Yeroo sagantichaaf karoorfattu galma ibsite yaada keessa galchi. Wanti hirmaattonni baratanii fudhachuu danda'an tokko qofti yoo jiraatee maal ta'a?
- Yeroo hangamii qabda, si barbaachisa? Yeroo hunda sochiin qaamaa yeroo eegamu caalaa yeroo dheeraa waan fudhatuuf yeroo gahaadhaan qopheeffadhu.
- Bakka ykn meeshaan akkamiitu jira?
- Hirmaattonni meeqa ta'u? Namoonni kan eegame caalaa baay'ee ykn kan eegame caalaa xiqqaa ta'an yoo jiraatan leenjii sana walsiimsiisuuf karoora baafadhu.
- Hirmaattonni qabxiiwwan ijoo kee hubachuu isaanii ilaaluuf yaadi.
- Xumura leenjichaa irratti qabxiilee akkamii akka haguugde fi hirmaattonni ogummaa maal akka argatan gabaabsii (daqiiqaa 5 gadi) ibsi.

Akkaataa barsiisuu akkamiitu mata duree fi dhaggeeffattoota kee wajjin caalaatti walsima? Gosoota barsiisuu adda addaa hedduu walitti makuun fayyadami

**Bifti barsiisuu** fayyadamuu dandeessan muraasni kan armaan gadiiti:

☐ Barumsi mata duree tokko beeksisuudhaaf mijataa dha. Barumsi daqiiqaa 30 fi isaa gadi akka ta'u godhi; waan caalaatti wal-qunnamtii qabuun ilaaluun Barumsa yommuu kennitu qabxiiwwan barbaachisoo jalqabaa fi xumura irratti gabaabsii ibsi.

☐ Mariiwwan barumsa booda ni gargaaru. Gaaffiiwwan banaa ta'an marii kakaasuuf gargaaran dhiyeessuuf qophaa'oo ta'i. Gaaffiin banaa ta'e deebii sirrii eeyyee/lakki hin qabu, garuu yaada ibsuu namaaf hayyama. Fakkeenyota gaaffilee banaa:



- Waan baratte hawaasa kee keessatti akkamitti hojii irra oolchuu dandeessa?
- Mata duree kam hubachuun baay'ee ulfaatadha?
- Akkaataa namoonni toora intarneetii irratti walitti dhufeenya qaban akkamitti jijjiiruu dandeenya jettee yaadda?

Yeroo baay'ee mariin yeroo eegame caalaa yeroo dheeraa waan fudhatuuf yeroo murtaa'ee dursa hirmaattootatti himi. "Amma mata duree kana irratti daqiiqaa 10f mari'anna achiis gara fuulduraatti tarkaanfachuu qabna" jechuun mala salphaa ta'uu danda'a.

☐ **Agarsiisni** akka gaariitti kan hojjetu wanti tokko akkamitti akka hojjettu harkaan yoo agarsiistudha. Yeroo baay'ee tarkaanfiiwwan garee fuulduratti agarsiisuudhaan ergasii tokkoon tokkoon barattootaa ofuma isaaniitiin hojjechuuf akka yaalan gochuun gaariidha. Haala kanaan hirmaattonni waan ati agarsiifte fakkeessuu danda'uu isaanii ykn naannoowwan hubachuuf gargaarsi barbaadan jiraachuu isaanii battalumatti ni hubatta.

☐ **Barumsi toora intarneetii** kan gargaaru yeroo leenjifamtoonni waa'ee ogummaa addaa barachuu barbaadanitti fi viidiyoo ykn sagalee fayyadamuun barachuuf gargaara ykn yeroo hojiiwwan qo'annoo (kan akka gaaffii fi deebii) adeemsa barumsaaf gargaaran raawwatamaniif gargaara.

☐ **Ta'uun Taphachuu** jechuun naannoo barbaachisaa ta'e keessatti ogummaa haaraa taphachuu fi yaada hirmaattota biroo irraa barachuu of keessatti qabata.

☐ **Hojii Garee:** Hirmaattonni hedduun yoo jiraatan hojiin garee yaada gaarii dha. Garee guddaa garee xixiqqootti qoqqoduu dandeessa, kunis caalaatti akka walqunnamanii fi salphaatti mari'achuu fi gaaffii gaafachuuf yeroo akka qabataan isaan dandeessisa. Yeroo hojii garee fayyadamtu hundatti hirmaattonni hojiiwwan xumuruuf yeroo hangamii akka qaban itti himi, yeroon xummuraa yeroo gahu akeekkachiisa daqiiqaa sadii kennuun ibsi.

☐ **Qo'annoowwan dhimmaa** barattoonni odeeffannoo haaraa haala qabatamaa keessa akka galchaniif gargaaruu danda'a. Daataa sana adeemsisuun haala barbaachisaa ta'een yeroo walqabsiisan walitti dhufeenya odeeffannoo sana fi qabatama jiruu akka yaadatan isaan gargaara.

## 3. BU'UURAALEE LEENJII

- [ ] Akka qindeesaatti gahee Kee Hubachuu
Haala mijeessaan muuxannoo barumsaa keessatti gahee olaanaa qaba. Wantoota barbaachisoo qindeessaan tokko gochuu danda'u keessaa tokko hirmaattootaaf haala nageenya qabuu fi tasgabbii qabu uumuudha. Hirmaattonni gaaffii gaafachuuf heeyyamamoo ta'uu qabu (gaaffi baay'ee salphaa ta'es yoo ta'e) fi deebiin isaanii sirrii ta'uu baatus dubbachuu akka danda'an beekuu qabu.

- [ ] Sagalee Sirreeffachuu
Namoonni naannoo mijataa fi baratamaa ta'e keessatti caalaatti bifa bu'a qabeessa ta'ee baratu. Ilaalcha irraa kaasee hanga filannoo jechootaa, ibsa fuulaa fi haala sagaleetti wanti hundi leenjii irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Dheerina leenjichaatiif waan sammuu kee irratti ulfaatu hunda dhiisii waan gaarii fi deggersa gochuu irratti xiyyeeffadhu.

- [ ] Hirmaattota hirmaachisuu
Leenjii guutuu keessatti hirmaattota hirmaachisuun barbaachisaa dha. Namoonni barreeffamicha irratti yeroo hirmaatan caalaatti baratu. Karaan hirmaannaa guddisuu dandeenyu tokko gaaffii hedduu gaafachuu fi hirmaattonni hundi yaada akka kennan jajjabeessuudha.

- [ ] Leenjii To'achuu
Akka haala mijjeessaatti ati hogganaa leenjii waan taateeef leenjiin yeroo qabamee keessaatti akka raawwatamuuf too'achuun gahee keeti. Haalota rakkisaa, hirmaattoota rakkisoo fi haalawwan hin eegamne wajjin wal'aansoo qabachuu qabda ta'a. Rakkoon jiru waan fedhe yoo ta'ees to'achuu fi bulchuun itti gaafatamummaa keeti.

- [ ] Yeroo Sirnaan Fayyadamuu
Hirmaattonni akkaataa idileetti marii gareetti kan gammadan yoo ta'u yaada fi muuxannoo isaanii qooduu barbaadu. Kanarraa kan ka'e yeroo baay'ee marii raawwachuun baay'ee salphaadha. Marii tokko dhaabanii gara sagantaa leenjii itti aanutti yoom akka ce'an beekuun barbaachisaa dha. Sagantaa irratti turuu akka qabdanii fi hirmaattonni leenjiin erga xumuramee booda caalaatti mari'achuu akka danda'an ibsuu qofaan raawwatamuu danda'a. Sochiiwwan hundaaf Hirmaattonni yeroo hangamii akka qaban dursanii himuun akka gargaaru hubadhu. Kanaaf barumsa



jalqabuu kee dura namni tokko hanga yoomiitti akka ta'e akka dubbatu itti himi. Hojii garee ykn ta'anii taphachuun dura yeroo hangamii akka qaban itti himi. Kun ergaa itti himaameen boodaa leenjiin yoo eegale sagantaan keessaan haala gaariin adeemsifama.

**HUBADHU:**

- Leenjistoonni fi dhiheessitoonni #defyhatenow waldhabdee yeroo ammaa kana ilaalchisee yaada siyaasaa qooduu hin qaban.
- Hirmaattonni falmii siyaasaa irratti bobba'uu ykn arrabsoo darbachuu hin qaban. Akka leenjisaa tokkootti gaheen kee marii yoo gara siyaasaatti garagale dhaabuu dha.
- Nama mata duree ijootiin alatti bahe dhaabuuf mirga qabda.

## 4. WALGAHIIF QINDEESSUU

- [ ] Waraqaa to'annoo ykn atteendaaansii
- [ ] Waraqaa onnachiiftuu geejjibaa (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Unka qorannoo yaada kennuu
- [ ] Unka gabaasa gochaa
- [ ] Suuraalee/viidiyoo (sanada/nama suuraa kaasu, kan sagalee waraabu).
- [ ] Pirojektara (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Waraqaa chaartii garagalfamuu fi qalama
- [ ] Hiiktoota Afaanii (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Nama yaadannoon barreessu

**Sagantaa (Guyyaa Tokko) [FAKKEENYA QOFA]**

| YEROO | MATA DUREE |
|---|---|
| 08:30 - 09:00 | Seensaa fi kaayyoo leenjii (barumsaa) ibsuu |
| 9:00 - 10:00 | Seensaa holoolaa fi oduu sobaa (barsiisaa fi marii garee xiqqaa) ibsuu |
| 10:00 - 11:00 | Midiyaa hawaasaa irraa haasaa jibbinsaa addaa baasuuf mari'achuu (hojii garee) |
| 11:00 - 11:30 | Boqonnaa Shaayii |
| 11:30 - 13:00 | Pilaatfoormii miidiyaa hawaasaa: tiwutarii, Feesbuukii, iniistaagiraamii, Yuutiyuubiii (fakkenyaa fi hojii garee) |
| 13:00 - 14:00 | Boqonnaa Laaqanaa |
| 14:00 - 14:30 | Akkamitti Sochii ykn barnootaa Raawwachuu dandeenya |
| 14:30 - 15:30 | Rakkoolee fi hubannoolee midiyaa hawaasaa cimaan akka uumamuu taasisuuf nama muudatan (yeroo marii) |
| 15:30 - 15:45 | Boqonnaa |
| 15:45 - 17:00 | Meeshaalee toora intarneetii irratti argamuu kee to'achuuf gargaaran (barnoota, agarsiisa, hojii garee) |
| 17:00 - 17:30 | Yaadaa kennuu fi kallatti fulduraa kaa'uu |



## Seensa Sagantichaa

- [ ] **Hirmaattonnii seenuu isaanii mirkaneessi**
Erga namni hundi seenee booda nama hundaaf simannaa walgahii taasisuun leenjii fi galma isaa beeksisi. Wantoota eegaman kaa'uu fi haala barbaadde uumuuf Yeroo kana fayyadamii. Leenjichi miira tasgabbaa'aa ? humna qabu? cimmaa yookan salphaa akka qabaatu barbaaddaa? miirichi to'annaa kee jala jira. Namni hundi waraqaa to'annoo/atteendaansii mallatteessuu isaa mirkaneeffachuuf gaafadhu.

- [ ] **Loojistikii**
Jalqaba workishoopii irratti yeroo muraasa fudhachuun seera tokko tokko kan akka yeroo namoonni dubbatan kabaja qabaachuu ykn qabxiilee siyaasa irratti mari'achuu dhiisuu ilaallatan baasuu. Akkasumas loojistikii irra deebi'ii ilaalu, mana fincaanii eessa akka jiru fa'a itti himuu.

- [ ] **Ajandaa Kaasuu**
Hirmaattota waliin ajandaa tokko tokkoon ilaaluu. Kaayyoo fi galma workishaoppii irra deebiin qooduu hin dagatinaa. Waan baratan caalaatti yoo hubatani caalaatti hirmaachuu danda'u.
Qabxii ijoo leenjichaa hirmaattonni hundi akka argan barreessuu dandeessa. Fakkeenyaa filannoon "Har'a waa'ee x baranna" jedhu salphaa ta'uu danda'a.

## Yeroo Sagantichaatti

- Keessattuu yaada haaraa yoo hubachiistan **waan salphaa irraa jalqabaatii gara walxaxaatti ce'aa.** Mata duree haaraa ykn qabxii ijoo itti aanutti osoo hin ce'iin dura namni hundi hubachuu isaa addaan baasi akkasumas hirmaattonni gaaffii akka gaafatan heeyyami.
- Gaaffiidhaaf yeroo kenni, garuu gaaffii fi mariin sagantichaan ala akka bahan hin godhin. Karoora kee eeguun raawwadhu.
- Xumura yeroo hundumaa irratti qabxiiwwan baay'ee barbaachisoo ta'an gabaabsii ibsi.
- Hamma danda'ametti afaan salphaatti fayyadami. Yeroo barsiisan yaadaa fi afaan ifa ta'en yoo ta'e gaariidha.

## Dalagaawwan

- Yeroo isaanii dabalatee hojii garee fi sochiiwwan biroof qajeelfama ifa ta'e kenni.
- Dalagicha maaliif akka hojjechaa jirtuu fi maal argachuun akka danda'amu ibsi.
- Duub-deebii fi muuxannoo dalagicha irraa qooduun yoo barbaachise, maal beekuu akka barbaadduu fi garichi jalqaba irratti akkamitti akka ibsuu qabu bifa ifa ta'een kaa'i. Fakkeenyaaf "Dhuma irratti miseensi garee tokko qabxiilee barumsaa ijoo sadan qooduu qaba. Kana garichaaf qooduuf daqiiqaa tokkoo ni qabda."

### 3-2-1 Sagantaa Duub-deebii

Dhuma guyyaa leenjii hunda irratti yeroo yaada kennuudhaaf oluu saganteessi. Tokkoon tokkoon hirmaattotaaf waraqaan irratti barreessan ni kennamaaf:

- Waan baratan **sadii**
- Wantoota hojii ykn jireenya isaanii keessatti itti fayyadaman **lama**
- Gaaffii hanga amma qaban **tokko**

Guyyaa itti aanutti maaltu irra deebi'amee ilaalamuu akka danda'u ilaaluudhaan gaaffilee ifa gochuuf duub-deebii kana walitti qabi akkasumas dubbisi. Yoo sagantaa guyyaa tokkoo ta'e yaada kana fayyadamuun maaltu akka gaariitti akka adeemsifamee fi yeroo itti aanutti maal jijjiiruu akka qabdu baruun leenjii fooyyessi.

## Sagantaa Cufuu

- Wanta namni hundi barate ykn ogummaa argate jettee yaaddu gabaabsii ibsi akkasumas wanta baratan jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti akkamitti hojii irra oolchuu akka danda'an gabaabsuun irratti mari'adhu.
- Himni jalqaba leenjii irratti barreessite: "Har'a x baranna." jedhu gara hima "Har'a x baranne" jedhutti jijjiiramuu akka danda'u irratti walii galuu isaanii hirmaattootaa gaafadhu.
- Garewwaan waan baay'ee faayidaa qabu jedhanii yaadan akka ibsaanii fi akka qoodan gaafadhu.
- Waan dhufaniif namootaa hundaa galatteeffadhu. Tarkaanfiiwwan itti aanan kamiyyuu yoo barbaachisaa ta'e ibsi.

# 5. YAADAA KENNUU

Leenjii booda akkaataa leenjichaa, yaada kennamee fi akkaataa leenjichi itti adeemsifame irraatti yaada keessaan kennaa. Galma jalqaba irratti taa'e galmaan geesshee? Yoo eeyyee



ta'e waan milkaa'inaaf gargaare jettu barreessi. Sagantaa addaa tokko turee? Hojmaata wanti tokko ittiin dhiyaatu turee? yeroon furtuu ta'e tureeraa?

Yoo galma hin geenye, leenjicha irra deebi'ii ilaaliitii maaltu akka dogoggora ta'e murteessi. Galmichi dhugaan kan milkeeffamuu danda'u hin turre? Leenjichi akka gaariitti karoorfamee hin turree? Hir'innii meeshalee gara garaa si muudateeraa? Barumsawwan baay'ee fayyadamtee? Yeroo itti aanutti caalaatti milkaa'ina argachuuf maal jijjiiruu dandeessa?

## TARREE QULQULLEESSUU

Xumura leenjichaa irratti kanneen armaan gadii hunda walitti qabuun gareef qoodi:

- [ ] Waraqaa to'annoo/atteendaansii mallatteeffame
- [ ] Waraqaa onnachiiftuu geejjibaa guutame (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Unka qo'annoo duub-deebii guutame
- [ ] Unka gabaasa sochii xumurame
- [ ] Suuraa viidiyoo
- [ ] Yaadannoo waraqaa chaartii garagalfamu irratti barreeffame yookan maxxanfame kamiyyuu (kan suuraa kaafamee fi kan barreeffame)
- [ ] Yaadannoo marii garee walitti qabame
- [ ] Yaada sagalee hirmaattota irraa argamu

# Hubachiisa:



# Galata:

Biyyoota Itoophiyaa, Kaameeruun, Sudaan Kibbaa, ugaandaa fi Keeniyaa keessaatti naamoota Yaada, yeroo, anniisaa gaarii fi deeggarsa kalaqaa gocha nagaa ijaaruu qabatanaa waliin walitti hidhameen #defyhatenow'dhaaf gumaacha gootan hunduu galatoomaa.

Yaadannoon Qajeelfama Dirree hojii #defyhatenow kun lammiilee Itiyoophiyaa, hawaasa caalaatti nagaa qabu uumuuf waliin hojjechaa jiraniif haa ta'u.

**Garee hojiirra oolmaa Itoophiyaa 2015-2017**

**GAREE ITOOPHIYAA**
Biruk Tagany
Meeroon Anteenaa
Chalachoo Workuu
Alam Boggaalee
Naa'ol Geetaachoo
Abrahaam Salamon
Haban Gabra'igzaabiheer

**GAREE BARLIIN**
Istiifan Koovaats
Suuzaan Beeliinghaawusen
Kaarooliin Paatriik
Seeda Seusing
Valentin Wasilew
Bileen Gabrahiwoot Dastaa

**GAREE NAAYIROOBII**
Keendi Gikunda
Daani'eel King'ori
Njoki Kariuki

#defyhatenow
https://defyhatenow.org
https://defyhatenow.org/ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenowethiopia/
https://www.instagram.com/defyhatenow_ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenow
https://twitter.com/defyhatenow

Dhaabbataa "Positive Peace Ethiopia" tiif galata addaa qabna, hojjettootaa piroojektichaa Itiiyoophiyaa keessatti argamaan hundaa ni galateeffanna.

*Ityoophiyaa keessatti haasaa jibbiinsaa toora intarneetii fi jeequmsaa kakaasaan ittisuuf tarkaanfii lammummaa fi dijitaalaa fudhachuun jalqabbiin karaa #defyhatenow r0g_ agency for open culture and critical transformation gGmbH, Berlin, kan eegaleemee yoo ta'u gargaarsii maallaqaa Gamtaa Awurooppaa irraa argame.*

agency for open culture & critical transformation

POSITIVE PEACE | ETHIOPIA

Funded by the European Union

